INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESOOTA QAMOOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Qo'annoo Sakatta'iinsa

Fedhii leenjii Abbootii Seeraa fi Abootii Alangaa Oromiyaa

Qopheessitoonni :

Obboo Milkii Makuriyaa

Obboo Kabbabaw Birhaanuu

Obboo Haasan Damisee

Obboo Addunyaa Dabalaa

Obboo Daawwit Geetachoo

Obboo Shaambal Hordofaa

Caamsaa 11,2002

Adaamaa

BOQONNAA TOKKO 2
Gumee Qo'annichaa 2
1.1.Seensa 2
1.2. Hima rakkoo 3
1.3. Kaayyoo qo'annichaa 3
1.4. Faayidaa qo'annichaa 3
1.5. Mala Qo'annoo 4
1.6. Daangaa Qo'annoo 6
Boqonnaa lama 7
2. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Fi Abbootii Alangaa Oromiyaa 7
Seensa 7
2.1. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa 8
2.1.1. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa M/M/A 8
2.1.2. Daataa Qo'annoo Sakattaa'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii Godinaalee Oromiyaa kan bara 2004. 14
2.1. 3. Daataa Qo'annoo Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Walii Galaa Oromiyaa 19
2.2. Daataa Sakatta'a Fedhii Abbootii Alangaa Oromiyaa 23
2.2.1. Daataa Qoo'annoo Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa 23
2.2.2. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godinaalee 25
2.2.3. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa 27
Boqonnaa Sadi
Xiinxala Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa Oromiyaa 29
3.1. Ijoo Leenjii Seera Yakkaa Irratti Bara 2004 Agarsiisan 30
3.2. Ijoo Dubbii Seera Deemmii Yakkaa Irratti 31
3.2. Ijoo Seera Qabeenya Fi Waliigaltee 32
3.4. Ijoo Seera Maatii, Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaa 32
3.5. Ijoo Seera Ragaa Fi S/D/F/H/H 33

BOQONNAA TOKKO

Gumee Qo'annichaa

1.1. Seensa

Institiyuutiin Leenjii Ogeessota Qamoolee Haqaa fi Qo'annoo Seera Oromiyaa bara 1999 Danbii lakk. 97/1999'n hundeeffamee hojii isaa erga eegalee waggootiin afur darbanii jiru. Yeroo ammaa Instiitiyutichi toorawwan xiyyeeffannoo lama kan qabu yoo ta'u: Isaanis:Gahuumsa Ogeessota Qamolee Haqaa fi Qo'annoo fi Qorannoo kanneen jedhamani dha.Toorawwan xiyyeeffannoo tarsiimowaa kanneeniin bu'aawwan argachuuf yaadaman duraa duubaan, sirna haqaa naannichaa ogeessota gahuumsa olaanaa qabaniin ijaarame fi rakkoo sirna haqaa qorannoon hiikame argachuu isaan jedhani dha.

Kanaaf toorawwan xiyyeeffannoo kana irratti hojjechuudhaan mul'ata kaa'ate bira gahuuf, Instiitiyutichi rakkoo qabatamaa Qaamoleen Haqaa Naannichaa qaban yeroo dhaa yerootti sakatta'uun furmaata barbaachisaa kennaa deemuun akkasumas,leenjiiwwan gaggeeffamaniif fedhii qaamolee haqaa kana bu'uureffachuun daran murteessaa dha. Akka qorannoo sirna madaallii bu'aa karoora tarsiimowaa Instiitiyutichaa irraa hubachuun danda'amutti qulqullinni leenjii sadarkaa barbaadamu irra gahuu dhabuu fi uwwisni isaa akka barbaadame ta'uu dhabuun akka dhimma ijoo dadhabbinaa fi sodaa /gufuuwwan -pains/ tokkootti kan taa'e yoo ta'u, tarkaanfiin fudhatamuu qaba jedhamee teechifames fedhii leenjii walitti qabuun mata duree leenjii fedhii irratti hundaa'e adda baasuu isa jedhu dha.

Leenjiiwwan kennaman bifa lama qabu. Isaanis **leenjii hojii duraa fi leenjii hojiirraa kan jedhamani dha. Leenjiin hojii duraa** leenjii namoota gara qaamolee haqaatti haaraa dabalamuuf jedhan beekumsa seeraa isaan yuuniversitootaa fi kolleejjiwwan irraa argatan gabbisuun dandeettii fi ogummaa qabatamaa hojjiitti jijjiiramuu danda'u sagantaa horachiisuuf kan kennamu yoo ta'u , **leenjiin hojii irraa** immoo rakkoo hojii keessatti mudatanii fi qabatamaa ta'an hiikuuf akkasumas beekumsaa fi ogummaa haarawaa ta'an baballisuuf ogeessota qaamolee haqaatiif leenjii kennamu dha.

Rakkoo qaamoleen haqaa qaban hiikuuf dursa rakkoo qabatamaa isaan qaban sakatta'uun dhimmoota leenjiin irratti kennamuu qabuu fi qo'annoon irratti gaggeeffamuu qabu adda baafachuun barbaachisaa ta'a. Keessumaa leenjiiin hojii irraa fedhii ogeessota qaamolee haqaa giddu galeessa kan godhate ta'uu qaba. Leenjii bifa kanaa kennuun dura ijoon seeraa leenjiin irraatti kennamu kam akka ta'e qulqulleeffachuun kaayyoo leenjichi kennamuuf bu'a qabeessa taasisuu keessatti gahee olaanaa ni qabaata. Seerotni bu'uuraa fi seerotni deemsa

falmii amma hojiirra jiran guutummaatti ykn akka barbaadamutti hojiirra akka hin oolle danqaawwan jiran maalfaa akka ta'an adda baasuun akkasumas qaawwaa fi hanqina isaan qaban sakatta'uun furmaata barbaachisaa fiduuf ogeessota seerota kana hojiirra olchan irraa oddeeffanoo funaanuun qorannoo sakatta'a fedhii leenjii gaggeessuun barbaachisaa ta'ee argameera.

1.2. Hima rakkoo

Leenjiin tokko kennamuun dura fedhiin qaama leenjii fudhatuu maal akka ta'e baruun dirqama. Kun hin ta'u yoo ta'e leenjii qophaa'uu fi fedhii ogeessota qaamolee haqaa keenyaa walsimsiisuu hin dandeenyu jechuu dha. Bakka kuni ta'etti immoo ga'uumsa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa olguddisuu fi haaromsuun hin danda'amu. Gama biraatiin fooyya'iinsa haqaa naannoo keenyaa fulduratti tarkaanfachiisuuf ergama manichatti kenname dhugoomsuu irratti gufuu ta'a jechuu dha

1.3. Kaayyoo qo'annichaa

Kaayyoon fedhii leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa Naannoo Oromiyaa qorachuu immoo dandeettii seeraa, naamusa ol'aanaa, ogummaa fi beekumsa hojiin abbaa seeraa fi hojiin abbaa alangaa barbaadu gonfachiisuu keessatti bakkee rakkoon qabatamaan yeroo ammaa itti mul'ataa jiru qo'annoodhaan adda baasuudhaan rakkoowwan jiran leenjiidhaan akka furaman furmaata akeekuudha. Gama biraatiin, qo'annichi ogeessotni qaamolee haqaa keenya beekumsa, ogummaa fi naamusa isaanirraa barbaadamu gonfachuun sirna heeraa fi seera biyyittii akka kabajanii kabajchiisan gahee ni qabaata.

1.4. Faayidaa qo'annichaa

Qo'annoon sakatta'a fedhii leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa gaggeeffamu kun qaamolee adda addaaf fayidaawwan garagaraa ni qabaata.

Tokkooffaa,ogeessotni qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa ijoowwan seeraa fi dhimmoota kam irratti leenjii akka barbaadan sakatta'uudhaan rakkoo qabatamaa sirna haqaa keenya keessa jiru hiikuu danda'u akka qophaa'u taasisa. Ogeessotni qaamolee haqaa leenjii bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'ee qophaa'u fudhachuun, dandeettii seeraa isaani akka gabbatu waan taasifamuuf guddina sirna haqaa naannoo keenyaaf qorannoon kun gummaacha guddaa qaba jedhamee yaadama.

Ibsa biraatiin,leenjiiwwan hojii irraa bara 2004 keessatti kennuuf yaadaman milkaa'inaan gaggeessuuf , fedhii leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa naannoo Oromiyaa maal akka

ta’e adda baafachuun dhimmoota kaneen irrattis leenjii qopheessuun sirna haqa naannoo keenyaa bu’aa qabeessa,amanamaa,dhaqqabamoo fi si’aawaa akka ta’u godha.

Kana jechuun ogeessotni qaamolee haqaa, Instiitiyutichi, uummatnii fi mootummaan qorannoo kanarraa fayyadamtoota ni ta’u.

1.5. Mala Qo’annoo

Qorannoon kun maloota qorannoo gara garaatti fayyadamuun ni geggeeffama. Isaanis, kitaabootaa fi qorannowwan kanaan dura geggeeffaman, qaboo yaa’ii qamoolee haqaa adda addaa ilaaluu, gaaffii barreeffamaa fi gaaffii afaanii qopheessuun ta’a.

Odeeffannoo amansiisaa fi bal’aa funaanuun akka danda’amutti malootni qorannoo kunneen hundi bifa wal-utubuu danda’aniin akka qindeeffaman ta’eera.

Qorannicha gaggeessuuf Godinaaleen 9 kan filataman yoo ta’u, aanoleen isaan jala jiran lama lama irraa odeeffannoon ni funaanamu. Qorannoon kun akka Oromiyaatti kan geggeeffamu yoo ta’u sababa hanqina yeroo, maallaqaa fi humna namaatiif odeeffannoo Oromiyaa guutummaa irraa funaanuun waan hin danda’amneef mala eddattoo fayyadamuun dirqama ta’eera.

Kanaaf, eddattowwan ta’anii kan filataman godinaaleen sagal fo’amaniiru.Isaanis:

- Harargee Bahaa,Shawaa Bahaa,Arsii Lixaa,Iluu Abaa Booraa, Jimmaa,Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Kaabaa, Wallagga Bahaa, fi Wallagga Lixaa ti.

Akkasumas, sadarkaa naannootti Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, Biroo Haqaa Oromiyaa fi Kutaa Wixinee Fi Qorannoo Seeraa Biiroo Haqaa Oromiyaa irraa odeeffannoon ni funaanama. Haalli daataan itti sassaabame gabatee armaan gadiin ibsama.

			bargaa bargaaffii karoorfame	**afgaaffii karoorfame**	***qabo qaboo yaa'ii karoorfame***	***Kan Milkaa'e***	
1.	M/M/W/O		5	1	---	Bargaaffii	5
						Afgaaffii	2
						Qaboo Yaa'ii	-----
2.	B/H/O		3	1		Bargaaffii	2
						Afgaaffii	1
						Qaboo Yaa'ii	----
3.	Godina alee	Mana Murtii	27	9	3	Bargaaffii	27
						Afgaaffii	9
						Qaboo Yaa'ii	3
4.		Waajjira Haqaa	27	9	----	Bargaaffii	27
						Afgaaffii	7
						Qaboo Yaa'ii	3
5.	Koree Dhaabbii Bulchiinsaa Fi Seeraa Caffee Oromiyaa		2	2	---	gaaffii afaanii 1 gaaffii barreeffamaa 1	
6.	Abukaatoo Ittisaa		9	9	----	gaaffii afaanii 5	
7.	Mana Murtii Aanaa		90	18	----	bargaaffii	80
						afgaaffii	15
8.	Waajjira Haqaa Aanolee		90	18	---	bargaaffii	90
						afgaaffii	12
	Ida'ama		**253**	**67**		**bargaaffii**	**232**
						afgaaffii	**52**
						qaboo yaa'ii	**6**

Gabatee 1

1.6. Daangaa Qo'annoo

Qorannoon kun fedhii ogeessota qaamolee haqaa sadarkaa sadanitti argaman: abbootii seeraa, abbootii alangaa, fi hooggantoota waajjiraalee kanneenii qofa kan haammatu yoo ta'u innis fedhii leenjiijiru adda baasuu malee sababa fedhiin jiru itti uumameef kan sakatta'u miti.

Boqonnaa lama

2. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Fi Abbootii Alangaa Oromiyaa

Seensa

Leenjiin hojii irraa abbootii seeraa fi abbootii alangaatiif kennamu ogeessotni kunneen tajaajila haqa qabeessaa, saffisaa fi qulqullina qabu kennuudhaaf ga'uumsaa fi ogummaa barbaachisu akka argatan akkasumas ittigaafatamummaa olaanaa ogummichi barbaadu akka bahatan dandeessisuu keessatti gahee bakka hin bu'amne taphata.

Dhimmoota walxaxoo fi hojiirratti danqaa ta'an furuuf ogummaa barbaachisu gonfachiisuu keessatti,akkasumas hojmaatnii fi hiikkoon seeraa walfakkaataa ta'e akka hinjiraanne,murteewwan kennaman tilmaamawaa akka hin taane rakkoowwan godhan hambisuu fi salphisuu keessattis gaheen leenjii hojiirraa olaanaa dha. Kanaaf, gabaabaatti bu'a qabeessumma tajaajila seektarootni haqaa kennaniif leenjiin hojiirraa fayidaa guddaa qaba.

Instiitiyutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa waggootii afran darbaniif, akka naannoo keenyaatti, leenjiiwwan hojii irraa gaggabaaboo guyyoota 5 hin caallen matadureewwan leenjii 65 ol ta'an irratti kennaa tureera. Leenjiiwwan kennamaa turan kunneenis fedhii leenjii ogeessota kanneenii qo'annoon sakatta'aman irratti kan hundaa'an ta'uun isaa ni beekama. Instiitiyutiichi bara hojii dhufu (2004) leenjii hojiirraa matadureewwan 12 irratti ogeessota lakkoofsi isaanii 2500 ta'aniif kennuuf bu'uura karoorfateen sakatta'a fedhii leenjii kana gaggeessuun barbaachiseera. Bu'uuruma kanaan daataan Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Manneen murtii sadarkaa aanaa hanga mana murtii waliigalaatti jiranii fi abbootii alangaa waajjira haqaa aanaa hanga abbootii alangaa biiroo haqaa naannootti jiran qaban maal akka fakkaatu boqonnaa kana keessatti tokko tokkoon kan ilaalamu ta'a. Daataa fedhii leenjii ogeessota kanneenii agarsiisu kopha kophaatti dhiyeessuun kan barbaachise fedhii kallattii gara garaatiin jiru salphaatti hubachuun akka danda'amuuf yaadameeti.

2.1. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa

2.1.1. Daataa Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa M/M/A

Daataa fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanolee agarsiisu gaaffilee barreeffamaa irraa argame kallattii seerota garaagaraatiin akka itti aanutti ilaalla.

I. Seera yakkaa

Daataan Qo'annoo Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Manneen Murtii Aanaa ijoolee seera yakkaan walqabatan irratti jiru gabatee 2 armaan gadii keessa kan teechifame dha.

Gabatee 2

Ijoo Seera Yakkaa	Baay'ina Nama Filatee %
1. Ulaagaalee Yakkaa, Qophii Fi Yaalii	36/80=45%
2. Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa	46/80=57.5%
3. Kutaa Yaada Sammuu Yakkaa	38/80=47.5%
4. Gochaawwan Seeraan Hayyamamanii Fi Dhiifama Argamsiisan	38/80=47.5%
5. Yakkoota Irra Deddeebiin Raawwatamanii Fi Dachaa	38/80=47.5%
6. Yakkoota Qabeenyaa	40/80=50%
7. Yakkoota Qaamaa Fi Fayyaa Namaa	34/80=42.5%
8. Yakkoota Quunnamtii Saalaa	45/80=56.25%
9. Labsiilee Yakka Hundeessan	60/80=75%
Ijoowwan Kanneen Biroo	Baay'ina Namoota Dabalataan Yaada Kennanii
i. Sirna Adabbii	8
ii. Yakkoota Bittaa Fi Qinixxaaboon Walqabatan	2
iii. Yakkoota Daa'immanii Fi Dubartootaan Walqabatan	2

Akkuma gabatee armaan olii irraa ilaaluun danda'amutti ijoon seera yakkaa abbootii seeraa manneen murtii aanaaleetiin sadarkaa 1ffaa irrattin filatame ***'labsiilee yakka hundeessan'*** isa jedhu yoo ta'u innis abbootii seeraa manneen murtii aanaalee 80 gaaffii barreeffamaa guutan keessaa namoota 60'n(75%) filatamuuni dha. Labsiin bosonaa immoo labsiilee yakka hundeessan keessaa hojiitti hiikuu irratti kan rakkisuu fi leenjii barbaadu ta'uu gaaffileen afaaniis dabalataan ni agarsiisu[1]. Lammaffaa irratti fedhiin leenjii abbootii seeraa kanneeniin filatame ijoo '***Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa' isa jedhu yoo ta'u innis*** namoota **46'n** (57.5%) filameera. Sadarkaa 3ffaa irratti ***yakkoota quunnamtii saalaa waliin walqabatan ijoon jedhu*** *namoota* **45'niin**(56.25%) filameera.

II. Seera Deemsa falmii Yakkaa

Daataa sakatta'a fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanoleetiin ijoowwan seera deemsa falmii yakkaa ilaalchisuun funaanaman akka itti aanutti gabatee keessa kaa'ameera.

Gabatee 3

Ijoo Seera deemsa falmii Yakkaa	Baay'inaNama Filatee %
1. Qorannoo Yakkaa Fi Mirga Shakkamaa	56/80=70%
2. Aangoo Manneen Murtii	56/80=70%
3. Himata Yakkaa	55/80=68.75%
4. Dhagaha Dhimma Yakkaa	55/80=68.75%
5. Dhagaha Dhimma Yakka Malaammaltummaa	42/80=52.5%
Ijoowwan Kanneen Biroo	**Baay'ina Namootaa**
i. Mirga Wabii ii. Yeroo Himatni Ka'uu Fi Fooyya'u iii. Beellama Yeroo	6 5 5
iv. Aangoo mana murtii fi labsii 141/000	4
v. Ragaa dhagahuu fi madaaluu, falmii yakkaa dhuunfaan dhiyaatan, kan abbaan seera tokko ofirraa ittisi jedhu(142) abbaan seeraa biraa bilisa baasuu(141),haala yaadni murtii fi ciraa itti kennamu,yaada amantaa fi waakkii	2

[1] Mitikkuu gabii, abbaa seeraa mana murtii aanaa baddallee , 17/9/2003.

Akkuma gabatee 3 olii keessatti teechifame ijoon ***'Aangoo Manneen Murtii'*** fi ***qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa*** jedhan abbootii seeraa manneen murtii aanolee 112 keessaa **56n (**70%) sadarkaa 1ffaa irratti kan filaman yoo ta'u, ***'Himata Yakkaa fooyyessuu fi kaasuun'*** abbootii seeraa **55'n (**68.75%**)** filamuun sadarkaa 2ffaa irra jira. '***Dhagaha Dhimma Yakkaa'*** ijoon jedhus sagalee walfakkaataa(**55-** 68.75%) dhaan abbootiin seeraa manneen murtii aanaa fedhii leenjii irratti qabaachuu kan ibsani dha.

III. Seera Qabeenyaa Fi Waliigaltee

Ijoowwan seera qabeenyaa fi waliigalteetiin walqabatan irratti daataa fedhii leenjii abbootii seeraa aanaa agarsiisu bu'uura gabatee 4 armaan gadiitiin ibsamee jira.

Gabatee 4

Ijoo Seera qabeenyaa fi waliigaltee	Baay'ina Nama Filatee %
1. Dhimmoota Abbaa Qabeenyummaa Mirkaneeffachuun walqabatan	45/80=56.25%
2. Dhimmoota Qabeenya Hin Sochooneen walqabatan	54/80=67.5%
3. Dhimmoota Qabeenya Socho'aniin walqabatan	38/80=47.5%
Ijoowwan Kanneen Biroo i. Seera bishaanii	Baay'ina Namootaa 1
4. Waliigaltee Fi Bu'aa Isaa	32/80=4o%
5. Hafuu Dirqama Waliigaltee	47/80=58.75%
6. Baayyachuu Abbootii Idaa Fi Mirgaa	29/80=36.25%
7. Wabummaa Fi Qaamolee 3ffaa	39/80=48.75%
8. Waliigaltee Mirkaneessuu	37/80=46.25%
9. Waliigaltee Gurgurtaa	27/80=33.75%

10. Waliigaltee Bulchiinsaa	**26/80=32.5%**
11. Waliigaltee Qab. Hin Sochoonee	**44/80=55%**
Ijoowwan Kanneen Biroo **i. Waliigaltee bakka bu'uumsaa** **ii. Waliigaltee kennaa diiguu**	**Baay'ina Namoota Dabalataan Yaada Kennanii** **1**

Akkaatuma gabatee olii irraa baruun danda'amutti mataduree bal'aa seera qabeenyaa fi waliigaltee jedhu ilaalchisee '***dhimmoota qabeenya hin Sochoone waliin walqabatan'*** ijoon jedhu fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanaa 80 keessaa 54'n (67.5%)1ffaa irratti filatameera. ***Hafuun Dirqama Waliigaltees*** *abbootii seeraa* ***47'n*** *(*58.75%) lammaffaa irratti filameera. Sadaffaa irratti ***Abbaa Qabeenyummaa Mirkaneeffachuun*** abbootii seeraa **45'niin** (56.25%) filamee jira. Odeeffannoon gaaffii afaanii irraa argames **'***abbaa Qabeenyummaa Mirkaneeffachuu waliin* walqabatee **keessattuu kan qabeenyota hin sochoonee** irratti leenjiin xiyyeeffatu akka qophaa'u kan barbaadan ta'uu agarsiisa[2].

IV. Seera maatii, dhaalaa fi lafa baadiyyaa

Daataan fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanolee Seera maatii, dhaalaa fi lafa baadiyyaa ilaallatu gabatee itti aanu keessa kan jiru ta'a.

Gabatee 5

IjooSeeraMaatii,Dhaala,Lafa Baadiyyaa,Seera Ragaa Fi Deemmii falmii H/H	**Baay'ina Nama Filatee %**
1. Diiggaa Gaa'elaa Fi Bu'aa Isaa	**34/80=42.5%**
2. Qabeenya Dhuunfaa Fi Waliinii	**43/80=53.75%**
Ijoowwan Kanneen Biroo **i. Abbummaa/ilmummaa mirkaneessuu**	**Baay'ina Namoota Dabalataan Yaada Kennanii** **2**

[2] Lammeessaa Bayyanaa,Pirezdaantii M/M/Aa/Sibuu Siree,22/9/2003

ii. Yeroo fi galmee diiggaa fi qoodinsi irratti raawwatu	2
iii. Yeroo waldhabbii eenyu qabeenya waliinii akka bulchu	2
iv. Haadha manummaa mirkaneessuu	2
v. Haadha warraa 2 ol gidduutti qabeenya qooduu	2
3. Dhaaltummaa Mirkaneessu	29/80=36.25%
4. Dhaaltummaa Qulqulleessuu	47/80=58.75%
5. Dhaaltummaa Fi Darbiinsa Yeroo	58/80=72.5%
6. Haalawwan argannaa Lafa Baadiyyaa	59/80=73.75%
7. Mirgoota Qabiyyee Lafa Baadiyyaa.	41/80=51.25%
8. Darbiinsa Yeroo Qabiyyee Lafa Baad.	60/80=75%
9. Haala Falmiin Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Itti Furamu	64/80=80%
Ijoowwan Kanneen Biroo	Baay'ina Namoota Dabalataan Yaada Kennanii
i. Jaarsummaa waldhabbii lafaa hiikuu	6
ii. Ragaa qabiyyee lafaa	2
iii. Lafa kireessuu,liizii,investimentii	3

Gabatee 5 olii irraa baruun akka danda'amu mata duree kana jalatti abbootii seeraa manneen murtii aanolee 80 keessaa **64'**n (80%) sadarkaa 1ffaa irratti ijoon leenjiidhaaf filatame ***Haala Falmiin Qabeenya Lafa Baadiyyaa Itti Furamu*** isa jedhu dha**.** Itti aansuunis ***Darbiinsa Yeroo Qabiyyee Lafa Baadiyyaa*** ijoon jedhu abbootii seeraa **60'n** (75%)kan filatame dha. Sadarkaa 3ffaa irratti ***'Haalawwan argannaa Lafa*** *Baadiyyaa' ijoon jedhu namoota* ***59'n*** *(73.75%)* isa fedhiin abbootii seeraa manneen murtii aanolee irratti calaqqisiifame dha.

V. Seera Ragaa Fi Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Mata duree kana jalatti daataan fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanolee akka itti aanutti gabatee dhiyaateen kan ibsamu ta'a.

Gabatee 6

Ijoo Seera Ragaa Fi Seera Deemmii Hariiroo Hawaasaa	Baay'ina Nama Filatee
1. Seera Ragaa Dhimma Falmii Hariiroo Hawaasaa	68/80=85%
2. Seera Ragaa Falmii Yakkaa	60/80=75%
Ijoowwan Kanneen Biroo	**Baay'ina Namoota**
i. Ragaa barreeffamaa	**4**
ii. Falaasama seera raga, raga sobaa adda baasuu,ragaan abbaa alangaa hafuu, gosootaa fi ulfina ragaa	**4**
3. Keessa Deebii Murtii	**64/80=80%**
4. Raawwii Murtii	**59/80=73.75%**
Ijoowwan Kanneen Biroo	**Baay'ina Namoota**
i. S/d/f/s kwt 418, 358	**3**
ii. Seera caalbaasii	**2**
iii. Raawwii lafa baadiyyaa, hafiinsa abbaa idaa fi abbaa mirgaa,qabeenyi erga raawwatamee booda murtiin jalaa yoo diiggame maaltu akka ta'u	**3**

Gabateen olii kun akka agarsiisutti ijoowwan ***Seera Ragaa Dhimma Falmii Hariiroo Hawaasaa, Keessa Deebii Murtii fi Seera Ragaa Falmii Yakkaa*** kanneen jedhan duraa duubaan abbootii seeraa 80 gaaffii barreeffamaa guutan keessaa nama 68,64 fi 60'n filamuudhaan tartiibaan sadarkaa 1-3ffaa kan qabatani dha. Ragaan sobaan qindaa'ee haalli

itti dhufu babl'atee waan jiruuf jecha ragaa madaaluu fi fudhatamummaa isaa mirkaneessuu dhaaf ogummaa barbaachisu irratti leenjiin gadifageenya qabu akka kennamuu qabu odeeffannoon gaaffiilee afaanii irraa argamanis ni mul'isu.[3]

2.1.2. Daataa Qo'annoo Sakattaa'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa Mana Murtii **Godinaalee Oromiyaa kan bara 2004.**

Abbootiin seeraa Manneen Murtii olaanaa Oromiyaas fedhii leenjii isaan ijoowwan seera garagaraa irratti qaban akkuma kan abbootii seeraa manneen murtii aanolee armaan olitti dhiyaatee gabatee fi ibsa gabaabaa waliin kan dhiyaatu ta'a.

I. Ijoowwan Seera Yakkaa

Mata duree dhimma seera yakkaa fi deemmii seera yakkaa Instiitiyutidhaan bara 2004 ogeessota qaamolee haqaatiif leenjii irratti kennuu qabu addaan baafachuuf sakkata'iinsa taasifamee ture keessattii ogeessota seeraa bar-gaafii fi af-gaafiin taasifameef keessaa isaan tokkoo Abbootii seeraa manneen murtii Ol-Aanaa Oromiyaa godiinota filataman kessatti hojii A/seerummaan tajaajilaa jiraniidha.

Bu'uura af-gaafii fi bar-gaafii dhiyaateef deebiin ogeessonni seeraa kunniin kennaniitin fedhiin leenjii Abbootii seeraa Manneen Murtii Ol-aanaa godiinalee Oromiyaa filataman kanneen kessatti tajajilaa jiran bara hojiia 2004 dhimma seera yakkaa fi seera deemmii yakkaa irratti qaban mata dureedhan fi sagalee isaan argatan irraa ka'uun sadarkaadhan addaa baasuun akka itti aanu kanaatti dhiyaateera.

Gabatee 7

A	**Ijoo seeraa yakkaa**	**Baayina nama filatee**	**Dhibeentaa %**	**Sadarkaa**
1	Ulaagalee yakka qophii fi yaalii yakka	8/27	29%	6
2	Sadarkaa himannaa yakkamtoota	9/27	33%	5
3	Kutaa yaada sammuu yakkaa	13/27	48.1%	2
4	Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi dhiifama argamsiisan	7/27	25.9%	7
5	Yakkoota irra deddeebii fi yakkota dacha	17/27	62.9%	1
6	Yakkota qabeenyaa	5/27	18.5%	9
7	Yakka malaammaltummaa	12/27	44.4%	3

[3] Guddisaa Dabalii, Abbaa Alangaa Aannaa Mattuu, 19/9/2003.

8	Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti raawwatamuu	6/27	22.2%	8
9	Yakkoota qunnamtii saalaa	9/27	33.30 %	4
10	Labsiilee yakka hundeessan	17/27	62.9%	1

Daataan kun akka agarsiisutti fedhi leenjii Abbootii seeraa manneen murtii Ol-aanaa Oromiyaa keessatti hojii A/seerummatiin tajaajilaa jiran ijoo seera yakkaa irratti qaban sadarkaadhan akka itti aanu kanaatti kaa'ama. Kunis:-

1. Yakkoota irra deddeebii fi yakkoota dachaa
2. Labsiilee yakka hundeessan
3. Kutaa yaada sammuu yakkaa
4. Yakka malaammaltummaa
5. Yakkoota qunnamtii saalaa
6. Sadarkaa himannaa yakkamtoota
7. Ulaagalee yakka qophii fi yaalii yakka
8. Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi dhiifama argamsiisan
9. Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti raawwatamuu
10. Yakkoota qabeenyaa

Odeeffannoon gaaffii barreeffamaa irraa argames labsii bosonaatiin walqabatee hariiroo inni seera yakkaa keewwata 850 waliin qabuu fi cimina adabbii labsichi kaa'u irratti leenjiin xiyyeeffatu akka kennamu kan fedhan ta'uu kan mul'isu dha[4]. Yakkoota

II. Ijoowwan S/D/F/Yakkaatiin walqabatan

Daataa fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii godinaalee ijoo seera deemsa falmii yakkaan walqabatu akka itti aanuttii gabateedhaan ibsameera.

[4] Lammeessaa Bayyanaa,Pirez/M/M/A/Sibuu Siree,22/09/03

Gabatee 8

B. Ijoo Seera Deemsa Falmii Yakkaa					
Lakk	Mata duree	A/s gaafin dhiyaateef	Baayina A/seera Mataduricha filatee	Dhibbeentaa %	Sadarkaa
1	Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa, fi gahee qorataa poolisii fi Abbootii alangaa qorannoo yakkaa keessatti.	27	11/27	40.7%	4
2	Aangoo M/Murtii Oromiyaa dhimma yakka irratti qaban	27	12/27	44.4%	3
3	Himata yakkaa qopheessu foyyeessuu fi kaasuu	27	16/27	59.2%	2
4	Dhagaha dhimma yakkaa	27	22/27	81.4%	1
	Ijoowwan kanneen biro				
1	Yeroo beellama		4		
2	Mirga wabii		4		

Haaluma wal-fakkaatuun daataan kun akka agarsiisutti fedhiin leenjii Abbootii seeraa manneen murtii Ol-aanaa Oromiyaa ijoo dubbii seera deemsa falmii yakkaarratti qaban sadarkaadhan isa sagalee ol-aanaa argata irraa gara isa xiqqaatti akka itti aanu kanaatti kaa'ama.Kunis:-

1. Dhagaha dhimma yakkaa
2. Himata yakkaa qopheessu foyyeessuu fi kaasuu
3. Aangoo M/Murtii Oromiyaa dhimma yakka irratti qaban
4. Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa, fi gahee qorataa poolisii fi Abbootii alangaa qorannoo yakkaa keessatti.

Odeeffannoon gaaffii afaanii irraa argaman dabalataan keewwattoota seera deemsa falmii yakkaa 42 fi 38 ilaalchisee hubannoon walfakkaataan waan hin jirreef leenjiin kennamu irratti xiyyeeffachuu qaba jedhu[5].Dabalataanis Abbootii seeraa manneen murtii Ol-aanaa saddeetii

[5] Getaachoo Guddisaa,I/G/Qaj/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, 18/9/03.

leenjiin kennamu osoo mata dureewwan Yeroo beellama fi Mirga wabii irrattilee xiyyeeffatee fedhanii jiru. Qorannoo yakkaa ilaalchisees abbootii alangaa fi poolisiin leenjii akka isaan barbaachisu deebii kennitootni gaaffii afaanii deebisan ni eeru[6].

III. Ijoo Seera Hariiroo Hawaasaa qabeenyaa fi waliigalteen walqabatan

Fedhi leenjii Abbootii seeraa manneen murtii ol-aanoo oromiyaa bara 2004'f agarsiisan bar-gaafii isaaniif dhiyaateen daataa fedhii leenjii qaban akka itti aanu kanaatti gabateen dhiyaateera.

Gabatee 9

	A. Seera Qabeenya	Baayina nama mata duricha filate/kan gaaffin dhiyaateef 27 keessaa	Dhibeentaa %	Sadarkaa
1	Dhimmoota abbaa qabeenyummaa murteessu	15/27	55.5%	2
2	Dhimmoota qabeenya hin sochoonee	17/27	62.9%	1
3	Dhimmoota qabeenya socho'anii	7/27	7%	3
	B. Seera waliigaltee			
1	Waliigaltee uumuu fi bu'aa isaa	10/27	37%	5
2	Hafuu dirqama waliigaltee	12/27	44.4%	2
3	Baayachuu abbootii idea fi mirga	11/27	40%	4
4	Wabummaa fi qaamolee 3ffaa	18/27	66.6%	1
5	Waliigaltee mirkaneessuu	11/27	40.7%	3
6	Waliigaltee gurgurtaa	7/27	25.9%	6
7	Waligaltee bulchiinsa	12/27	44.4%	2
8	Waliigaltee qabeenya hin sochonee	12/27	44.4%	2

[6] ibid

Daataa kana irraa hubachuun akka danda'amutti Abbootii seeraa manneen murtii ol-aanoo Oromiyaa keessatti hojjachaa jiran ijoowwan seera qabeenyaa keessaa mata dureewwan armaan gadii filataniiru. Isaanis tartiiba sagalee argataniitiin yoo kaa'aman:

1. Dhimmoota qabeenya hin sochoonee
2. Dhimmoota abbaa qabeenyummaa murteessu fi
3. Dhimmoota qabeenya socho'anii dha.

Haaluma wal-fakkaatuun Abbootii seeraa kunniin seera walii galtee ilaalchisee mata dureewwan itti aanee dhiyaatan filataniiru. Isaaniis tartiiba sagalee argataniitiin akka itti aanu kanatti kaa'amu.

1. Wabummaa fi qaamolee 3ffaa
2. Hafuu dirqama waliigaltee
3. Waligaltee bulchiinsa
4. Waliigaltee qabeenya hin sochoonee
5. Waliigaltee mirkaneessuu
6. Baayyachuu abbootii idaa fi mirgaa
7. Waliigaltee uumuu fi bu'aa isaa
8. Waliigaltee gurgurtaa dha.

IV. Ijoowwan Seera Maatii,Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaatiin Walqabatan

Gabatee 10

A. Seera Maatii		Baayina nama mata duricha filate/kan gaafin dhiyaatef	Dhibeenta a %	Sadarkaa
1	Diiggaa gaa'eelaa fi bu'aa isaa	7/27	25.9 %	1
2	Qabeenya dhuunfa fi waliinii dhiirsa fi niti	6/27	22.2 %	2

Seera maatiitiin wal-qabatee akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda'amutti mata dureewwan Diiggaa gaa'ilaa fi bu'aa isaa jedhuu fi Qabeenya dhuunfaa fi waliinii dhirsaa fi niitii irratti leenjiin osoo kennameef gaarii akka ta'e abbootiin seeraa fedhan lakkofsaan akkuma gabatee daataa olii irraa hubachuun danda'amutti lakkoofsan 13 ta'u.

Gabatee 11

	B. Seera dhaalaa			
1	Dhaaltummaa mirkaneessuu	7/22	25.9%	3
2	Dhaaltummaa qulqulleessuu	13/27	48.1%	2
3	Dhaaltummaa fi darbiinsa yeroo	21/27	77.7%	1
	C. Seera Bulchiinsa Lafa Baadiyya			
1	Haalawwaan argannaa qabiyyee	13/27	48%	1
2	Mirgoota qabiyyee lafa baadiyyaa abbaan qabiyyee qabu	9/27	33%	2
3	Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa badiyyaa	22/27	81%	1
4	Haala falmiin abbooti qabiyyee lafa baadiyya ittiin hiikkatu	18/27	66.6%	2

VI. Seera Ragaa fi S/D/F/H/H

Matadureewwan Seera Ragaa fi S/D/F/H/H jedhaman irratti ijoowwan abbootiin seeraa manneen murtii olaanaa fedha leenjii irratti qaban gabatee itti aanu keessa kan godhame dha.

Gabatee 12

	A. Seera Ragaa			
1	Seera ragaa dhimma falmii H/hawaasatiin walqabatan	0	0	-
2	Seera ragaa dhimma falmii yakkaatiin walqabatan	0	0	-
	B. S/D/F/H/H			
1	Keessa deebii murtii	20/27	74%	1
2	Raawwii murtii	19/27	70%	2

Ijoowwan **S/D/F/H/H** tiin walqabatee matadureewwan raawwii murtii fi keessa deebii murtii jedhan abbootii seeraa manneen murtii olaanaatiin kanneen filamani dha.

2.3. Daataa Qo'annoo Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Walii Galaa Oromiyaa

Abootiin seeraa mana murtii walii gala Oromiyaa keessatti taajaajilaa jiran fedha leenjii bara 2004'f qaban bifa gabateetiin akka itti aanu kanaatti dhiyaateera.

I. Dhimma Yakka

Ijoowwan seera yakkaa irratti fedhi leenjii Abbootii seeraa mana murtii walii gala bara hojiia 2004 maal akka ta'e akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

Gabatee 13

	A. Ijoowwan Seera Yakkaa			
Lakk	Mata duree	Hamma filate/hamma gaafatame	Dhibeentaa filatee	Sadarkaa
1	Ulaagalee yakkaa qophii fi yaalii yakka	3/5	60%	2
2	Sadarkaa himannaa yakkamtootaa	4/5	80%	1
3	Kutaa yaada sammuu yakka	2/5	40%	3
4	Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisiisan	2/5	40%	3
5	Yakkoota irra deddeebiin rawwataman	3/5	60%	2
6	Yakkoota qabeenya irratti raawwatamu	2/5	40%	3
7	Yakka malaamaltummaa	4/5	80%	1
8	Yakka haama fi fayya nama	0/5	-	-
9	Yakkoota qunnamtii saala	2/5	40%	3
10	Labsiilee yakka hundeessan	4/5	80%	1

II. Ijoowwan S/D/F/Y

Ijoo dubbi dhimma seera deemmii falmii yakkaa irratti fedhi leenjii Abbootii seeraa mana murtii walii galaa bara 2004 isa gabatee armaan gadii keessa kaa'ame dha.

Gabatee 14

	A. S/D/F/Y			
1	Qorannaa yakkaa fi mirga shakkamaa	3/5	60%	1
2	Aangoo yakkaa manneen murtii	1/5	20%	3
3	Himata yakkaa qopheessu foyyeessu fi kaasuu	2/5	40%	2
4	Dhagaha dhimma yakkaa	3/5	60%	1

Akkuma gabateewwan armaan olii irrattimul'atu daataa fedha leenjii Abbootii seeraa mana murtii walii galaa oromiyaa ijoo dubbii seera yakkaa fi seera deemmii falmii yakkaa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, bara hojiia 2004 ttii leenjii kennammuf mata duree dhimma yaakkaa keesaa tartiibaan

1. Sadarkaa himannaa yakkamtootaa
2. Yakka malaamaltummaa
3. Labsiilee yakka hundeessan
4. Yakkoota irra deddeebiin rawwataman
5. Ulaagalee yakkaa qophii fi yaalii yakka
6. Kutaa yaada sammuu yakka
7. Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisiisan
8. Yakkoota qabeenya irratti raawwatamu
9. Yakkoota qunnamtii saala

yoo filatan ijoo, seera deemsa falmii yakkaan wal-qabatee immoo duraa duubaanmata dereewwan

1. Qorannaa yakkaa fi mirga shakkama
2. Dhagaha dhimma yakkaa
3. Himata yakkaa qopheessu, foyyeessu fi kaasuu
4. Aangoo yakkaa manneen murtii

jedhan iraatti osoo leenjiin kennameefii akka fedhan hubachiisanii jiru.

III. Ijoowwan Seera qabeenyaa fi waliigaltee

Haaluma wal fakkaatuun Ijoo dubbi Seera Hariiroo Hawwasaa irratti fedhi leenjii Abbootii seeraa Mana Murtii Walii Gala Ormiyaa bara hojiia 2004'f agarsiisan maal akka ture akka itti aanu kanaatti mata dureewwan filataman , bayyina Abbootii seeraa gaafiin dhiyaatee fi filatee, dhibbeentaa fi sadarkaadhan adda ba'ee dhiyaateera.

Gabatee 15

Ijoowwan Seera qabeenyaa fi waliigaltee irratti fedhi leenjii Abbootii seeraa mana murtii walii galaa bara 2004 isa gabatee armaan gadii keessa kaa'ame fakkaata.

A. Seera qabeenyaa				
Lakk	Mata duree leenjii	Kan filate/kan gaafatame	Dhibeentaa nama filataa	Sadarkaa
1	Dhimmoota abba qabeenyumma murteessu	3/5	60%	2
2	Dhimmoota qabeenya hin sochoonee	4/5	80%	1
3	Dhimmoota qabeenya socho'anii	0/5		-
B. Seera waliigaltee				
1	Waliigaltee uumuu fi bu'aa isaa	3/5	60%	3
2	Hafinsa dirqama waliigaltee	5/5	100%	1
3	Baayyachuu abbootii idea fi mirga	3/5	60%	3
4	Wabumma fi qaamolee 3ffaa	4/5	80%	2
5	Waligaltee mirkaneessuu	1/5	20%	5
6	Waligaltee gurgurtaa	1/5	20%	5
7	Waligaltee bulchiinsaa	2/5	40%	4

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti abbootiin seeraa mana murtii waliigalaa oromiyaa ijoowwan seera qabeenyaa keessaa ***dhimmoota qabeenya hinsochoone waliin walqabatan*** sadarkaa 1ffaa irratti yoo filatan mata duree ***abbaa qabeenyummaa murteessuu*** jedhu itti aansuun kan filatani dha.

Haaluma walfakkaatuun ijoo dubbii seera waliigaltee ilaallatu irratti tartiibaan sadarkaan kan filatan mata duree ***hafiinsa dirqama waliigaltee ,wabummaa fi qaamolee sadaffaa, waliigaltee uumuufi bu'aa isaa,baay'achuu abbootii idaa fi mirgaa*** kan jedhan sagalee caalaa kan argatan .

I. Ijoowwan Seera Maatii, Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaatiin Walqabatan

Ijoowwan seera maatii dhaalaa fi lafa baadiyyaatiin walqabatan irratti fedhi leenjii abbootii seeraa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa gabatee itti aanuun kan ibsamu dha.

Gabatee 16

Ijoowwan seera maatii, dhaalaa fi lafa baadiyyaatiin walqabatee fedhi leenjii Abbootii seeraa mana murtii walii gala bara hojiia 2004 maal akka ta'e akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

A. Seera Maatii			
Diiggaa gaa'elaa fi bu'aa isaa	1/5	20%	1
Qabeenya dhunfaa fi waliini (dhirsa fi nitii)	1/5	20%	1

	B. **Seera dhaalaa**	Hamma filate/hamma gaafatame	Dhibeentaa filatee	Sadarkaa
1	Dhaaltumma mirkaneessuu	1/5	20%	3
2	Dhaaltuma ququlleessu	2/5	40%	2
3	Dhaalaa fi darbiinsa yeroo	4/5	80%	1
C. Seera Bulchiinsa L/baadiyya				
1	Haallawwan argannaa qabiyyee	2/5	40%	3
2	Mirga qabiyyee lafa baadiyya	2/5	40%	3
3	Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa baadiyya	4/5	80%	2
4	Haala falmiin abbaa qabiyyee itti gaggeeffamu	5/5	100%	1

Ijoo dubbii seera maatii irratti matadureewwan diiggaa gaa'ilaa fi bu'a isaa, fi qabeenya dhuunfaa fi waliinii jedhan irratti abbootiin seeraa muraasni fedha akka qaban agarsiisaniiru. Seera dhaalaa ilaalchissee tartiiba baay'ina sagaleen mata dureewwan

1. Dhaalaa fi darbiinsa yeroo
2. Dhaaltuma ququlleessu
3. Dhaaltumma mirkaneessuu

jedhan yoo filataman seera bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee

1. Haala falmiin abbaa qabiyyee itti gaggeeffamu
2. Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa baadiyya
3. Mirga qabiyyee lafa baadiyya
4. Haallawwan argannaa qabiyyee kanneen jedhan duraa duubaan filatamaniiru.

II. Seera Ragaa Fi Seera Falmii Hariiroo Hawaasaa

Gabatee 17

Ijoowwan ragaa fi seera falmii hariiroo hawaasaa irratti fedhi leenjii A/seeraa mana murtii waliigalaa bara hojiia 2004 maal akka ta'e akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

	C. **Seera Ragaa**		
1	Seera ragaa dhimma falmii hariiroo walqabatee	5/5	100%
2	Seera ragaa dhimma falmii yakka walqabate	5/5	100%
	D. Seera Falmii Hariiroo Hawaasa		
1	Keessa dubii murtii	4/5	80/%
2	Raawwii murtii	4/5	80%

Seera Ragaa ilaalchissee mata dureewwan Seera raga dhimma falmii hariiroo walqabatee fi Seera raga dhimma falmii yakka walqabate jedhan sagalee wal fakaa tuun yoo filataman haaluma wal fakkatuun dhimma seera deemsa falmii hariiroo hawasaatiin wal-qabatee mata dureewwan keessa deebii murtii fi rawwii murtii jedhan akka leenjiin irratti kennamuuf abbootii seeraa mana murtii waliigalaatiin sagalee walfakkaataadhaan filatamaniiru.

2.2. Sakatta'a Fedhii Abbootii Alangaa Oromiyaa

2.2.1. Daataa Qoo'annoo Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa

Daataan Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Aanaa agarsiisu gabatee 7 itti aanu keessa kan taa'ee dha.

Gabatee 18

Ijoowwan seera yakkaa irratti fedhi leenjii Abbootii alangaa waajjira haqaa aanolee maal akka fakkaatu akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

lakk	Ijoo seera yakkaa	Baay'ina A/A Gaafii barreeffama a guutanii	Baay'ina A/A mata duricha filatanii	Dhibbentaa A/A filatanii(%)
1	Ulaagaalee, Qophii fi yaalii yakka	90	39	43.33
2	Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa	90	52	57.78
3	Kutaa Yaada Sammuu Yakkaa	90	38	42.2
4	Gochawwan Seeran Hayyamamanii fi Dhiifama Argamsiisan	90	39	43.33
5	Yakkoota irra dedeebin rawwatamanii fi dachaa	90	47	52.22
6	Yakkoota Qabeenya irratti raawwataman(dhoksaa, hanna fi amantaa hir'suu)	90	87	96.67
7	Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti rawwataman (556 fi 555...)	90	74	82.22
8	Yakkoota quunnamtii saalaa (gudeeddii)	90	56	62.22
9	Labsiilee Yakka Hundeesan(Labsii bosonaa oromiyaa , labsii shororkeessummaa ...)	90	52	57.78
	Ijoowwan Seera Deemsa Falmii Yakkaa	**Baay'ina A/A Gaaffii Deebisanii**	**Baay'ina Namoota Filatanii**	**Baay'ina Namoota Filatanii %Dhaan**
10	Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa	90	86	95.56
11	Angoo manneen murtii oromiyaa dhimma yakkaa irratti qaban	90	27	30
12	Himata yakkaa qopheessuu,fooyyessuu fi kaasuu keessati gahee abbaa seeraa fi Abbootii alangaa	90	15	16.67
13	Dhagaha Dhimma Yakkaa	90	24	26.67
14	Dhagaha dhimma yakkaa malaamaltummaa	90	23	25.56

Akkuma gabateen armaan olii ibsu ijoon seera yakkaa ***Yakkoota Qabeenya irratti raawwataman*** jedhu abbootii alangaa **90** keessaa **87** kan ta'aniin(96.67%)filamuudhaan dhimma sadarkaa 1ffaa irratti fedha leenjii abbootii alangaa aanolee ta'e dha. Ijoon kunis

yakkoota dhoksaa,hannaa fi amantaa hir'isuu irratti kan xiyyeeffatu dha. **Yakkootni qaama fi fayyaa namaa irratti rawwataman** (556 fi 555...) abbootii alangaa **74'n**(82.22) akkasumas ***yakkootni quunnamtii saalaan waliqabatan abbootii alangaa 56'n(****62.22****)*** filamuudhaan sadarkaa 2ffaa fi 3ffaa irratti kanneen argamani dha. Odeeffannoon gaaffii afaanii irraa argamanis fedhiin leenjii olaanaa ta'e gamanaan akka jiru ni agarsiisu keessattuu gochaa tokko miidhaa qaamaa, qaama hir'isuu yookin yaalii ajjechaa jedhanii ibsuudhaan walqabatee [7].

Seera deemsa falmii yakkaas ilaalchisee ijoon ***Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa*** *jedhu abbootii alangaa 90 keessaa* ***86'n (***95.56%) sadarkaa tokkoffaa irratti kan filam e yoo ta'u odeeffannoon gaaffii afaaniis abbootiin alangaa fi poolisiin keenya tooftaa irratti ogummaa qorannoo bilchinaa fi gadi fageenya qabu akka argatan leenjiin qophaa'uu akka qabu ni ibsu. , ***ijoon dhagaha dhimma yakkaa*** jedhu abbootii alangaa 24'n (26.67%) itti aanuudhaan filatameera.

2.2.2. Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Godinaalee

i. Seera Deemsa Falmii Yakkaa

Daataan fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa Seera Deemsa Falmii Yakkaa irratti qaban agarsiisu kan gabatee itti aanuun dhiyaate keessa jiru fakkaata.

Gabatee 19

lakk.	Ijoo Seera Deemsa Falmii Yakkaa	Abbootii Alangaa 27 Keessaa Baay'ina nama Filatee	Dhibb eentaa
1	Ga'ee qorataa poolisii fi A/A qorannoorratti	19	70.37
2	Haala ragaan itti funaanamuu fi madaalamu	13	48.14
3	Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa	6	22.22
4	Angoo yakkaa m/m	18	66.66
5	Himata yakkaa qopheessuu, foyyessu	15	55.55
6	Mormii duraa	6	22.22
7	Falmii mirga wabii	7	25.92
8	Yaada amantaa fi waakkii	6	22.22
9	Haala gaaffii duraa qaxxamuraa fi k/d	7	25.92

[7] Abbabaa Tarrafaa, I/G/W/Ha/Aa/Najjoo, 19/9/2003

10	Haala yaaliin murtii itti dhiyaatu	7	25.92
11	Dhimmoota oliyannoo	4	14.81
12	Adeemsa qorannoo fi dhageetti malaammaltummaa	11	40.74
13	**Dhimmoota biroo :** beellamaa yeroo, aangoo A/A godinaa, qajeelfa adabbii yakkoota sadarkaan hin baneeef	1	3.7

Akkuma gabatee armaan olii irraa mul'atutti seera deemsa falmii yakkaa ilaalchisee ijoon ***ga'ee qorataa poolisii fi A/A qorannoorratti*** jedhu fedhii abbootii alangaa 19 (70.37%) ta'uudhaan sadarkaa 1ffaa irratti kan filame yoo ta'u ***aangoo yakkaa manneen murtii*** fi ***himata yakkaa qopheessuu, fooyyessuu fi kaasuu*** kanneen jedhan immoo fedhii abbootii alangaa 18 fi 15 ta'anii filamuudhaan duraaduubaan 2ffaa fi 3ffaa irratti argamu**.**

ii. Seera yakkaa

Daataan fedhii leenjii Abbootii Alangaa Godinaa Seera Yakkaa irratti qaban agarsiisu kan gabatee itti aanuun dhiyaate keessa jiru dha.

Gabatee 20

Lakk	**Ijoo Seera Yakkaa**	**Baayina Namoota Filatanii baay'ina namoota gaafficha guutanii 27 keessaa**	
		Lakkofsaan	Parsantiidhaan
1	Ulaagaalee yakkaa, qophii fi yaalii	11	40.47
2	Sadarkaa hirmaannaa yakkaa	22	81.48
3	Kutaa yaada samuu yakkaa	8	29.62
4	Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi dhiifama	12	44.44
5	Yakkoota irra deddeebiin raawwatamanii fi yakkoota dachaa	19	70.37
6	Hanna, dhoksaa, amantaa hir'isu	14	51.85
7	Malaammaltummaa	24	88.88
8	Qaamaa fi fayyaa	12	44.44

9	Quunnamtii saalaa	15	55.55
10	Labsilee yakka hundeessan	16	59.25
	Yakkoota biroo • Meeshaa waraanaa bituu fi deebisanii gurguruu • amantaa hir'isuu	1	3.7

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamutti ijoon seera yakkaa abbootiin alangaa godinaa fedhii leenjii olaanaa irratti agarsiisan ***yakka Malaammaltummaa*** yoo ta'u innis abbootii alangaa 27 keessaa **24'n** (88.88%) filameeti. Itti aansuunis ijoowwan ***Sadarkaa hirmaannaa yakkaa fi Yakkoota irra deddeebiin raawwatamanii fi yakkoota dachaa*** jedhan duraa duubaan namoota **22**'n(81.48%) fi **19**'n(70.39%) filatamaniiru.

2.2.3. Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa

Daataa fedhii leenjii abbootii alangaa biiroo haqaa oromiyaa agarsiisu gabatee itti aanu itti aanee dhiyaatu irraa kan hubatamu dha.

Gabatee 21

Ijoowwan seera yakkaa irratti fedhi leenjii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa maal akka ta'e akka itti aanu kanatti dhiyaateera.

Lakk	**Ijoo seera yakkaa**	**Baay'ina A/A Gaafiin dhiyaateef**	**Baay'ina A/A mata duricha filatanii**	**Dhibbentaa A/A filatanii(%)**	**Sadarkaa**
1	Ulaagaalee, Qophii fi yaalii yakka	3	0	-	
2	Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa	3	2	66.66	1
3	Kutaa Yaada Sammuu Yakkaa	3	0	-	
4	Gochawwan Seeran Hayyamamanii fi Dhiifama Argamsiisan	3	0	-	
5	Yakkoota irra dedeebin rawwatamanii fi dachaa	3	1	33.33	2
6	Yakkoota Qabeenya irratti raawwataman(dhoksaa,	3	1	33.33	2

	hanna fi amantaa hir'suu)				
7	Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti rawwataman (556 fi 555...)	3	1	33.33	2
8	Yakkoota qunnamtii saalaa (gudeeddii)	3	0	-	
9	Labsiilee Yakka Hundeesan(Labsii bosonaa oromiyaa , labsii shororkeessummaa ...)	3	1	33.33	2
	Ijoowwan S/D/F/Y				
10	Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa	3	2	66.66	1
11	Angoo manneen murtii oromiyaa dhimma yakkaa irratti qaban	3	0	-	
12	Himata yakkaa qopheessuu,fooyyessuu fi kaasuu keessati gahee abbaa seeraa fi Abbootii alangaa	3	1	33.33	2
13	Dhagaha Dhimma Yakkaa	3	2	66.66	1
14	Dhagaha dhimma yakka malaamaltummaa	3	0	-	

Akkuma gabatee olii irraa hubatamu Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa isa duraa yoo ta'u,lammaffaa irratti ***Yakkootni Qabeenya irratti raawwataman***(dhoksaa, hanna fi amantaa hir'suu), yakkoota irra deddeebiin raawwataman, yakkoota qaamaa fi fayyaa namaa irratti raawwataman fedhii leenjii abbootii alangaa biiroo haqaa(naannoo) ta'ee filameera. Yakkootni qaama fi fayyaa namaa irratti rawwatamanii fi Labsiilee Yakka Hundeesan(Labsii bosonaa oromiyaa , labsii shororkeessummaa ...) itti aanuun kan filatamaniiru.

Akkasumas ijoowwan S/D/F/Y keessaa matadureen ***Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa fi* Dhagaha Dhimma sadarkaa duraa irratti yoo filataman** himata yakkaa ijoon jedhu immoo sadarkaa 2ffaa irratti Abbootiin Alangaa naannoo leenjii kan irratti barbaadani dha.

Boqonnaa Sadi

Xiinxala Sakatta'a Fedhii Leenjii Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa

Seensa

Daataa fedhii leenjii Abbootii Seeraa Fi Abbootii Alangaa sadarkaa gara garaa irratti argamanii ibsu boqonnaa lama keessatti ibsuuf yaalameera.Boqonnaa kana keessatti daataa fedhii leenjii agarsiisu kana cuunfuudhaan bu'uura karoora leenjii hojiirraa yeroo gabaabaa bara 2004tti Instiitiyutichi kennuudhaaf qabateetiin xiinxallii fi yaadni guduunfaa kan kennamu ta'a. Akkuma daataa sakatta'a fedha leenjii boqonnaa lama keessa jiru irraa hubachuun danda'amutti sakatta'iinsi fedha leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa naannoo keenyaa sadarkaa Aanaatii qabee hanga Sadarkaa Naannotti tajaajilaa jiraniifiidha.Kun immoo bal'aadha. Bu'uuruma kanaan matadureewwan lakkoofsaan 80 ol ta'antu (sagalee xiqqaanis ta'u baay'eedhaan) eeramee jira.

Haa ta'u malee fedhaa fi mata dureewwan hedduu ta'an kana mara irratti leenjii qopheessuun akka hin danda'amne ni beekama. Kanaaf humnaa fi karoora Institiyuutichaa waliin bifa wal-simuun ijoon dursa argachuu qabu akka dursa argachuu danda'u calalamee adda bahuu qaba.Kana gochuuf immoo mata dureewwan leenjii fedhiin irratti dhiyaate sadarkaa hundatti sagalee isaan qaban walitti ida'uudhaan sadarkaa itti kennuun itti deemmamuu akka qabu gareen qorannicha gaggeesse itti amaneera. Bu'uura kanaan mata dureen mata duree isa biroo caalaa sagalee bal'aa argate dursa argachuun akka mata duree leenjiitti eerameera . Haala kanaan fedhiin leenjii fi humni jiru akka wal-simu taasifamee matadureewwan leenjiin akka irratti kennamu abbootii seeraa fi abbootii alangaatiin caalaatti filataman adda baahaniiru.

Bu'uuruma kanaan mata duree,bay'ina ogeessa gaaffin dhiyaateef, baay'ina ogeessa filatee, dhibbeentaa ogeessota filatanii fi sadarkaa mata durichi garee isaa keessaa qabuun adda baasuun akka itti aanutti gareewwan gurguddoo shanitti adda bahanii xiinxalamaniiru.

Ijoowwan seera garaagaraa gareewwan gurguddoo shan (5) jalatti gurmeessuun kan barbaachiseef gareewwan kunneen ijoowwan babal'aa fi leenjiidhaaf filatamuu danda'an of keessatti kan qabatan waan ta'ee fi dha. Akkasumas ijoowwan adda addaa gareewwan kanneen keessatti haammataman qabatamaadhaan hojiirratti kan ogeessota kanneen mudatanii fi ogeessotni hedduunis hir'ina hubannoo irratti qabu jedhamee kan yaadamuu fi uwwisa leenjii argachuu qabu jedhamanii kan amanaman waan ta'ee fi dha.

Gareewwan kunniinis:

- Seera yakkaa,
- Seera deemsa falmii yakkaa,
- seera qabeenya fi waliigaltee,

- Seera dhaalaa, maatii fi lafa baadiyyaa
- Seera raga fi seera deemsa falmii siivilii dha.

3.1. Xiinxala Fedha Leenjii Abbootii seeraa Fi Abbootii alangaa Oromiyaa Ijoo Leenjii Seera Yakkaa Irratti Bara 2004 Agarsiisan

Bu'ura daataa fedha leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii alangaa nannoo Oromiyaa boqonnaa lamaffaa olii keessatti kaa'ameetiin **ijoo dubbii seera yakkaa** iratti fedha leenjii jiru kanneen sagalee ol-aanaa qaban duraa duubaan akka itti aanutti gabateen dhiyaateera.

Gabatee 22

Lakk	Mata duree filatame	Baay'ina A/A fi A/S Gaafiin dhiyaateef	Baay'ina A/A fi A/S mata duricha filatanii	Dhibbentaa A/A fi A/S filatanii(%)	Sadarkaa
1	LabsiileeYakka Hundeessan(Labsii bosonaa oromiyaa, labsii shororkeessummaa, malamaltummaa...)	231	150	64.93	**1ffaa**
2	Yakkoota Qabeenya irratti raawwataman (dhoksaa, hanna fi amantaa hir'suu)	231	149	64.50	**2ffaa**
3	Yakkoota qaamaa fi fayyaa namaa irratti rawwataman (556 fi 555...)	231	138	59.74	**3ffaa**
4	Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa	231	135	58.44	**4ffaa**
5	Yakkoota quunnamtii saalaatiin walqabatan	231	127	54.91	**5ffaa**
6	Yakkoota irra deddeebiin rawwatamaniifi yakkoota dachaa	231	125	54.11	**6ffaa**
7	Kutaa Yaada Sammuu Yakkamaa	231	96	42.8	**7ffaa**

Akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda'amutti ijoowwan seera yakkaa ***'Labsiilee Yakka Hundeessan(Labsii bosonaa oromiyaa, labsii shororkeessummaa, malamaltummaa...), Yakkoota Qabeenya irratti raawwataman(dhoksaa, hanna fi amantaa hir'suu), Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti rawwataman (556 fi 555...), Sadarkaa Hirmaannaa Yakkamtootaa fi Yakkoota qunnamtii saalaa (gudeeddii)*** duraa duubaan sadarkaa 1ffaa - 5ffaatti kanneen leenjiidhaaf filataman ta'anii argamaniiru.

3.2. Ijoo Dubbii Seera Deemmii Yakkaa Irratti

Bu'ura daataa fedha leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii alangaa nannoo Oromiyaa olitti kaa'ame kanaatiin ijoo dubbii seera deemsa falmii yakkaa iratti fedha leenjii jiru kanneen sagalee ol-aanaa qaban akka itti aanutti gabateen dhiyaateera.

Gabatee 23

Lakk	Mata duree filatame	Baay'ina A/A fi A/S Gaafiin dhiyaateef	Baay'ina A/A fi A/S mata duricha filatanii	Dhibbentaa A/A fi A/S filatanii(%)	Sadarkaa
1	Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa	231	164	70.99	**1ffaa**
2	Angoo manneen murtii oromiyaa dhimma yakkaa irratti qaban	231	114	49.35	**2ffaa**
3	Dhagaha Dhimma Yakkaa	231	106	45.88	**3ffaa**
4	Himata yakkaa banuu, foyyessuu fi kaasuu keessatti gahee Abbootii alangaa fi Abbootii seeraa	231	104	45.02	**4ffaa**
5	Dhagaha dhimma yakkaa malaamaltummaa	231	92	39.98	**5ffaa**

Akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda'amutti ijoowwan seera deemsa falmii yakkaa ***Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa, Angoo manneen murtii oromiyaa dhimma yakkaa irratti qaban, Dhagaha Dhimma Yakkaa ,Himata yakkaa banuu, foyyessuu fi kaasuu keessatti gahee Abbootii alangaa fi Abbootii seeraa fi Dhagaha dhimma yakkaa***

malaamaltummaa duraa duubaan sadarkaa 1ffaa -5ffaatti kanneen leenjiidhaaf filataman ta'anii argamaniiru.

3.2. Seera Qabeenya Fi Waliigaltee

Ijoowwan seera hariiroo hawaasaatiin walqabatan irratti daataan sakatta'a fedhii leenjii abbootii seeraa manneen murtii aanaalee, godinaalee fi mana murtii waliigalaa irraa argame walitti ida'amuudhaan teechifamuuf yaalameera.

Daataa fedhii leenjii abbootii seeraa Manneen Murtii Aanolee,Godinaalee Fi Mana Murtii Waliigalaa walitti fiduudhaan cuunfinee yeroo ilaallu ijoowwan seera qabeenyaa fi waliigaltee armaan gadii bu'uura tartiiba sadarkaa isaaniitiin kan filataman ta'uu ni hubatama.

Gabatee 24

Ijoo Seera Qabeenyaa Fi Waliigaltee	Baay'ina Namoota Filatanii (**Nama 112 Keessaa**)	Dhibbeentaadhaan **%**	Sadarkaa
Qabeenya Hin Sochoonee	75	67.56	**1ffaa**
Hafuu Dirqama Waliigaltee	64	57.65	**2ffaa**
Dhimmoota Abbaa Qabeenyummaa mirkaneeffachuu	63	56.75	**3ffaa**
Wabummaa Fi Qaama 3ffaa	61	54.95	**4ffaa**
Waliigaltee Uumuu Fi Bu'aa Isaa	45	40	**5ffaa**

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamutti abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa sadanittuu argaman lakkoofsaan **112** keessaa **75** (67.56%) kan ta'an '***seera qabeenyaa hin sochoonee'*** irratti leenjii kan barbaadan ta'uu ni hubatama. Seerota qabeenyaa fi waliigalteen walqabatan keessaas ijoon kun sadarkaa tokkoffaa irratti (fedhii abbootii seeraa baay'ee argachuun) kan filatame dha jechuudha. Sadarkaa lammaffaa irratti '***Hafuu Dirqama Waliigaltee'*** ijoon jedhu abbootii seeraa 112 keessaa nama 64' (57.65%)n filameera. Fedhii leenjii kunis haalawwan dirqamoota walii galtee hambisan (Extiniction of obligation: invalidation, cancellation and termination of contract, set off, novation ,merger) irratti kan xiyyeeffatu dha. Ijoon biraa abbootii seeraa **63** (56.75%) ta'aniin sadarkaa sadaffaa irratti kan filatame ***'abba qabeenyummaa mirkaneeffachuu'*** (proof of ownership) isa jedhu dha.

3.4. Seera Maatii, Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaa

Matadureen kana jalatti **ijoowwan** duraa duubaan abbootii seeraatiin filataman akka armaan gadiitti taa'aniiru.

Gabatee 25

Lakk.	Ijoo Seera Maatii,Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaa	Baay'ina Namoota Filatatanii 112 Keessaa	Dhibbeentaadhaan %	Sadarkaa
1.	Haala Falmiin Lafa Baadiyyaa Itti Furamu	87	77.67	**1ffaa**
2.	Darbiinsa Yeroo falmii Lafa Baadiyyaa	86	76.78	**2ffaa**
3.	Dhaaltummaa Fi Darbiinsa Yeroo	83	74.1	**3ffaa**
4.	Dhaaltummaa Qulqulleessuu	62	55.35	**4ffaa**
5.	Qabeenya Dhuunfaa Fi Waliinii	50	44.64	**5ffaa**

Akkuma gabatee olii irraa hubachuun danda'amutti ijoon '***Haala Falmiin Lafa Baadiyyaa Itti Furamu'*** jedhu abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa sadanittuu argaman gaaffii barreeffamaa guutan ***112*** keessaa fedhii abbootii seeraa ***87 (77.67%)*** akka ta'e odeeffannoon jiru kan mul'isu dha. Kunis mata duree bal'aa Seera Maatii,Dhaalaa Fi Lafa Baadiyyaa jechuun teechifame keessaa sadarkaa 1ffaa irratti fedhiin leenjii kan irratti mul'ate ta'uu agarsiisa. ***Darbiinsa Yeroo falmii Lafa Baadiyyaa*** ijoo jedhu irrattis lakkoofsa garaagarummaa hedduu hinqabneen abbootiin seeraa **86** (76.78%) fedhii leenjii kan qaban ta'uu gaaffii barreeffamaa guutan irratti ibsaniiru.sadarkaa 3ffaa irratti abbootiin seeraa **83** (74.1%) ta'an kan filatan ijoo '***Dhaaltummaa Fi Darbiinsa Yeroo'*** *jedhu dha.*

3.5. Seera Ragaa Fi S/D/F/H/H

Seera ragaa fi seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa ilaalchisees abbootiin seeraa manneen murtii keenyaa fedhii isaanii tartiiba armaan gadiitiin filataniiru.

Gabatee 26

Lakk.	Ijoo Seera Raga Fi S/D/F/S	Baay'ina Namoota Filatanii 112 Keessaa	Dhibbeentaadhaan %	**Sadarkaa**
1.	Seera Ragaa Falmii Hariiroo Hawaasaa	98	87.5	**1ffaa**
2.	Keessa Deebii Murtii	88	78.57	**2ffaa**
3.	Seera Ragaa Falmii Yakkaa	87	77.67	**3ffaa**
4.	Raawwii Murtii	82	73.21	**4ffaa**

Akkuma gabatee armaan olii irraa ilaaluun danda'amutti abbootii seeraa Manneen Murtii Aanaa, Manneen Murtii Godinaa Fi Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa gaaffii barreeffamaa guutan **112** keessaa sadarkaa 1ffaa irratti abbootii seeraa **98** (87.5%)tiin kan

filatame ***seera ragaa dhimma hariiroo hawaasaatiin*** walqabatu irratti leenjiin akka kennamuufi dha. Abbootiin seeraa kunneenis mataduree kanaan walqabatee *fudhatamummaa fi roga qabeessummaa ragaa akkasumas madaallii fi sadarkaa ragaa* irratti xiyyeeffanoon kenname leenjiin akka qophaa'u filannoo isaaniitiin mirkaneessaniiru.

Ijoon seera deemsa hariiroo hawaasaa lammaffaa irratti abbootii seeraatiin filatame- ***keessa deebii murtii*** kan ilaalu yoo ta'u dhimma kana ilaalchisees leenjiin qophaahu *dhageetti oliyyannoo,falmii gadi deebisuu fi keessa deebii murtii mana murtii murtii duraa kenneen taasifamu(review of judgement)* irratti kan xiyyeeffatu osoo ta'ee akka filatan gaaffii barreeffamaa guutan kanarraa ni hubatama. Sadaffaa irrattis ***fudhatamummaa, roga qabeessummaa, sadarkaa fi madaallii ragaa falmii yakkaa*** ijoon jedhu abbootii seeraatiin kan filatame dha.

Yaada Guduunfaa

Ogeessota qaamolee haqaa hojii irra jiran keessattuu Abbootii seeraa fi Abbootii alangaa rakkoowwan garagaraa hojiirratti isaan mudatan jiraachuun isaa ni beekama. Rakkoowwan kana keessaas rakkoowwan gama hanqina hubannootiin mul'atu isaa hangafa yoo ta'ellee, rakkoowwan seerota waliin walqabatanii fi kanneen biroos ni jiru.

Rakkinoolee kanneen furuudhaaf keessattuu rakkina gama hanqina hubannoo fi ogummaatiin jiru maqasuuf gaheen leenjii hojiirraa olaanaa dha.

Leenjiiwwan bifa kanaa kennuun rakkinicha hambisuudhaaf sochiin godhamu immoo bu'a qabeessa kan ta'u rakkoo qabatamaan ogeessota kanneen hojiirratti quunnamuu fi fedhii leenjii isaanii qorannoodhaan adda kan baasnu yoo ta'ee fi bu'uura kanaanis leenjii dhimma qabatamaadhaan deeggarame kennuun yoo danda'ame dha.

Qo'annoo kana boqonnaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} keessatti fedhiin leenjii abbootii seeraa fi Abbootii alangaa kan bara 2004 maal akka fakkaatu agarsiisuuf yaalameera.

Instiitiyuutichis bara hojii 2004tti abbootii seeraa fi abbootii alangaa 2500 ta'aniif mata-dureewwan 12 gahan irratti Leenjii Hojiirraa yeroo gabaabaa qopheessuuf karoorfateera.

Kanaaf gareen Qo'annoo kana gaggeesses odeeffannoo gaaffiilee afaanii, qaboo yaa'ii Koree Fooyy'iinsa Sirna Haqaa godinaalee fi gaaffilee barreeffamaa irraa funaanamee boqonnaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} keessatti dhiyaate bu'uura godhachuun mata-dureewwan leenjii 12'n Leenjii Hojii Irraa yeroo gabaabaa Instiitiyuutichi bara hojii 2004tti kennu ijoowwan armaan gadii irratti akka xiyyeeffachuu qabu ni akeeka.Isaanis:

1. Seeraa ragaa falmii hariiroo hawaasaa
2. Keessa deebii murtii hariiroo hawaasaa
3. Haala falmiin lafaa baadiyyaa itti furamu
4. Darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyyaa
5. Darbiinsa yeroo falmii dhaaltummaa
6. Seerota qabeenya hin sochooneen walqabatan(registration,mortgage,pledge,sale ...)
7. Hafuu dirqama waliigaltee(extinction of contractual obligation)

8. Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa
9. Aango yakkaa mana murtii
10. Labsiilee yakka hundeessan
11. Yakka qabeenya irratti raawwataman
12. Yakkoota qaamaa fi fayyaa irratti raawwataman kan jedhani dha.

Ijoowwan kunneenis gareewwan gurguddoo shanan boqonnaa kana jalatti teechifaman keessaa yoo ta'u, haalli ittiin fudhatamanis garee seera yakkaa keessaa sagalee caalmaadhaan fedhii leenjii ta'anii 1ffaa-3ffaatti kanneen filaman, garee seera deemsa falmii yakkaa keessaa 1ffaa fi 2ffaa irratti kan filaman, garee seera waliigaltee fi qabeenyaa keessaa 1ffaa fi 2ffaa, garee seera maatii dhaalaa fi lafa baadiyyaa keessaa 1ffaa-3ffaa kan jiran, garee seera ragaa fi seera deemsa falmii siivilii keessaas sakatta'a fedhii gaggeeffameen 1ffaa fi 2ffaa irratti abbootii seeraa fi abbootii alangaatiin kanneen filaman waan ta'eefi dha.

Ijoowwan leenjiin irratti akka kennamu olitti akeekaman kunneen mata-dureewwan gurguddoo boqonnaa 3^{ffaa} keessatti ilaalaman keessaa bu'uura sagalee caalmaa abbootii seeraa fi Abbootii alangaa irraa argataniin kan calalamani dha.

Mata-dureewwan biroo leenjii barbaadan hedduun kan jiran ta'uu xiinxala sakatta'a fedhii gaggeeffame irraa kan hubatamu yoo ta'ellee qabeenya, humna namaa fi yeroo jiru keessatti uwwisuun akka hin danda'amne beekamaa dha. Haata'uyyuu malee mata dureewwan olitti caqasamaniin alatti uwwisa leenjii dabalataa kennuun kan danda'amu yoo ta'e, bu'uura fedhii leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii alangaa sakattaa'ameetiin ijoowwan armaan gadii itti aansuun barbaachisaa ta'a.

1^{ffaa} wabummaa fi qaamolee 3ffaa

2^{ffaa} dhagaha dhimma yakkaa

3^{ffaa} himata yakkaa fooyyessuu fi kaasuu

4^{ffaa} sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa

5^{ffaa} yakkoota quunnamtii saalaan wal qabatan

6^{ffaa} dhimmoota abbaa qabeenyummaa murteessuun walqabatan

7ffaa dhaaltummaa qulqulleessuu

8ffaa qabeenyaa dhuunfaa fi waliinii dhirsaa fi niitii

9ffaa seera ragaa falmii yakkaa keessatti

10ffaa raawwii murtii hariiroo hawaasaa.

Ijoowwan kunneenis kan fudhataman dhimmoota gareewwan shanan jiran keessaa matadureewwan 12’n erga eeramanii booda 1ffaa fi 2ffaa irratti argaman fudhachuudhaani dha.

----------// ----------

Miiltoolee

Uunkaalee Gaaffii Barreeffamaa

Uunka Tokko

Gaaffilee Barreefamaa Abbootii Alangaa Aanatiif qophaa'e

A) Gaaffilee Walii Galaa

Umurii: .....
Saala: .....
Aanaa.....

B) Tarree Gaaffilee

Ijoowwan **seera yakkaa** armaan gaditti taa'an keessaa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- Ulaagalee yakkaa, qophii fi yaali yakkaa
- Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
  - Qindeessa yakkaa fi hirmaata, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasa fi gargaara yakkaa (Accomplice and instigator)
- Kutaa yaada sammuu yakkaa
- Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisiisan (justifiable, and excusable acts)
- Yakkoota irra deddebiin rawwatamanii fi yakkoota dachaa

1) Yakkoota kutaa addaa seera yakkaa keessatti tumaman keessaa kam irratti akka leenjiin kennamu barbaaddu?

- Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa fi amantaa hir'isuu)
- Yakkoota qaama fi fayyaa namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556 .....)
- Yakkoota qunnamtii saalaa waliin wal qabatanii raawwataman
- Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii bosonaa

2) Dhimoota yakkaa biro fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....
.....
.....
.....

<u>Seera Adeemsa falmii yakkaa</u>

1) **Qorannaa Yakkaa**
   - **Gahee qorataa polisii fi abba alangaa qorannoo yakkaa keessatti**
   - **Haala ragaan ittin funaanamuu fi madaalamu**
   - **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
   - **Angoo yakka manneen murtii murteessuu (Jurisdiction)**
   - **Dhimmoota biroo yoo jiraatan tarreessaa:**
     i).....
     ii).....
     iii).....
   - **Himata yakkaa qopheessu, foyyeessu fi kaasuu irratti**
     - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
     - Kan biroo yoo jirate tarreessaa:

     i).....
     ii).....
     iii).....
2) **Dhagaha dhimma yakkaan wal qabatee:**
   - Mormii duraa
   - Falmii mirga wabii
   - Yaada amantaa fi waakki
   - Haala gaaffiin duraa, qaxxamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
   - Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
   - Dhimmoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan

3) **Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:**

   i).....
   ii).....
   iii).....

Unka Lama

Gaaffilee Barreefamaa Abba seera Aanatiif qophaa'e

A) Gaafilee Walii Galaa

Umurii: .....
Saala: .....
Aanaa.....

B) Tarree Gaaffilee seera yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa

Ijoowwan **seeraa yakkaa** armaan gaditti ta'an keessaa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallattoo "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- □ Ulaagaalee yakkaa, qophii fi yaalii yakkaa
- □ Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
  - Qindeessa yakkaa fi hirmaataa, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasa fi gargaara yakkaa (Accomplice and instigator)
- □ Kutaa yaada sammuu yakkaa
- □ Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisisan (justifiable, and excusable acts)
- □ Yakkoota irra dedebiin rawwatamanii fi yakkoota dachaa

1. Yakkoota kutaa addaa seera yakkaa keessatti tumaman keessaa kam irratti akka leenjiin kennamu barbaaddu?
   - □ Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa fi amantaa hir'isuu)
   - □ Yakkoota qaama fi fayya namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556 .....)
   - □ Yakkoota qunamtii saala waliin wal qabatamanii rawwataman
   - □ Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii bosonaa
2. Dhimoota yakkaa biro fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....
.....

.....
.....

Seera Adeemsa falmii yakkaa

Qorannaa Yakkaa

- **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
- **Angoo yakka manneen murtii murteessu (Jurisdiction)**
- **Dhimoota biro yoo jiraatan tarreessa:**
  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Himata yakkaa qopheessu, foyyeessu fi kaasu irratti**
  - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
  - Kan biro yoo jirate tarreessa:

  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Dhagaha dhimmaa yakkaan wal qabatee:**
  - Mormii duraa
  - Falmii mirga wabii
  - Yaada amantaa fi waakkii
  - Haala gaaffiin duraa, qaxxaamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
  - Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
  - Ragaa madaaluu fi murtii kennuu
  - Dimoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan
- Adeemsa dhagaha dhimma yakka malaamaltummaa

Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:

i).....
ii).....
iii).....

C) Tarree Gaaffilee Seera Hariiro Hawwaasa fi Adeemsa Falmii hariiroo Hawwaasa

Ijoowwan **seeraa fi adeemsa hariiro hawwaasa** armaan gaditti ta'an keessa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

A) Seera Hariiroo Hawwaasa

- Seera qabeenyaa

- Dhimmoota abba qabeenyummaa murteessu
- Dhimmoota qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
- Dhimmoota qabeenya socho'ani waliin wal qabatan
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:

Dhimmoota hariiroo hawaasaa waliin wal qabatee irra caalaatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:

i).....
ii).....
iii).....

- Seera walii galtee
  - Walii galtee uumu fi bu'aa inni hordofsiisu (Formation and effects of contract)
  - Haalawwan dirqamoota walii galtee habbisan (Extiniction of obligation: invalidation, cancellation and termination of contract, set off, novation ,merger....etc)
  - Bayyachuu abbooti idaa fi mirgaa (plurality of debtors and creditors)
  - Wabummaa fi qamolee sadaffaa walii galteedhaan wal qabatan
  - Walii galtee mirkaneessu
  - Walii galtee gurgurtaa
  - Walii galtee bulchiinsaa (Administrative contract)
  - Walii galtee qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
  - Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessaa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera maatii:
  - Diiggaa gaa'elaa fi bu'awwan inni hordofsiisu
  - Qaabenya dhuunfa fi walinii dhirsaa fi niitii
  - Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera dhaalaa:
  - Dhaltummaa mirkaneeffachuu
  - Dhaaltumma qulqulleessuu
  - Dhaaltumma fi darbiisa yeroo
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessaa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera bulchiinsa lafa baadiyyaa

- Haallawwan argannaa qabiyyee lafa baadiyyaa
  - Dhaala
  - Kennaa maatiin
  - Mootummaan
- Mirgoota qabiyyee lafa baadiyyaa irratti abbaan qabiyyee qabuun wal qabatee
- Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa badiyyaa irratti raawwatiinsa qabaatan
- Haala falmiin abbooti qabiyyee lafa badiyyaa jidutti ka'u ittiin hiikkatu waliin wal qabatee
- Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessaa:

  i).....

  ii).....

  iii).....

- Seera ragaa:
  - Seera ragaa dhimma falmii hariiro hawaasaa waliin wal qabatee
    - Fudhatamummaa ragaa
    - Roga qabeessuma ragaa
    - Sadarkaa madalii ragaa
    - Ragaa madaaluu
  - Seera ragaa dhimma falmii yakkaan waliin wal qabatee
    - Fudhatamummaa ragaa
    - Roga qabeessuma ragaa
    - Sadarkaa madaalii ragaa
    - Ragaa madaalu
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:

    i).....

    ii).....

    iii).....

B) Seera adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

- Keessa deebii murtii:
  - Dhageettii ol'iyyannoo
  - Falmii gadi deebsuu
  - Angoo manneen murtii federalaa fi naannoo
  - Keessa deebii murtii mana murtii murtii duraa kenneen taasifamu (review of judgement by court of rendition)

- Raawwii murtii:
  - Murtoon erga laatamee booda giddu gala qaama sadaffaa
  - Haala abba qabeenyumma qabeenya murtoon irratti darbe murteessani
  - Qabeenya abbaa idea murtiin rawwii rawatiinsa irratti hin qabaanne
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:

  i).....

ii).....
iii).....

uunkaa Sadii

Gaaffilee Barreeffamaa Abba seera Godinaatiif qophaa'e

A) Gaaffilee Walii Galaa

Umurii: .....
Saala: .....
Bakka Hojii: Godina.....

B) Tarree Gaaffilee seera yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa

Ijoowwan **seeraa yakkaa** armaan gaditti ta'an keessa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- Ulaagalee yakkaa, qophii fi yaalii yakkaa
- Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
  - Qindeessaa yakkaa fi hirmaataa, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasaa fi gargaaraa yakkaa (Accomplice and instigator)
- Kutaa yaada sammuu yakkaa
- Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisisan (justifiable, and excusable acts)
- Yakkoota irra dedebiin rawwatamanii fi yakkoota dachaa

1. Yakkoota kutaa addaa seeraa yakkaa keessatti tumaman keessa kam irratti akka leenjiin kennamu barbaaddu?

- Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa, hanna cimaa, amantaa hir'isuu fi kkf)
- Yakka malaamaltummaa
- Yakkoota qaama fi fayya namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556, yaali ajjechaa fi miidha qaama cimaa .....)
- Yakkoota qunamtii saalaa waliin wal qabatanii raawwataman
- Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii gumurukaa, bosonaa

2. Dhimoota yakkaa biroo fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....
.....
.....
.....

I. Seera Adeemsa falmii yakkaa

Qorannaa Yakkaa

- **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
- **Angoo yakkaa manneen murtii (Jurisdiction)**
- **Dhimmoota biroo yoo jiraatan tarreessaa:**
  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Himata yakkaa qopheessu, foyyeessu fi kaasuu irratti**
  - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
  - Kan biro yoo jirate tarreessa:

  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Dhagaha dhimma yakkaa:**
  - Mormii duraa
  - Falmii mirga wabii
  - Yaada amantaa fi waakkii
  - Haala gaffiin duraa, qaxxaamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
  - Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
  - Ragaa madaluu fi murtii kennuu
  - Dimoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan

    - **Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:**
      i).....
      ii).....
      iii).....

Seera Hariiroo Hawwaasa

- Seera qabeenyaa
  - Dhimmoota abba qabeenyummaa murteessu
  - Dhimmoota qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
  - Dhimmoota qabeenya socho'ani waliin wal qabatan
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
    i).....
    ii).....

iii).....

- Seera walii galtee
  - Walii galtee uumuu fi bu'aa inni hordofsiisu (Formation and effects of contract)
  - Haalawwan dirqamoota walii galtee hambisan (Extiniction of obligation: invalidation, cancellation and termination of contract, set off, novation ,merger....etc)
  - Bayyachuu abbooti idaa fi mirgaa (plurality of debtors and creditors)
  - Wabummaa fi qaamolee sadaffaa walii galteedhaan wal qabatan
  - Walii galtee mirkaneessu
  - Walii galtee gurgurtaa
  - Walii galtee ijaarsaa (construction contract)
  - Walii galtee inshuraansii
  - Walii galtee bulchiinsaa (Administrative contract)
  - Walii galtee qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera maatii:
  - Diiggaa gaa'elaa fi bu'awwan inni hordofsiisu
  - Qaabenya dhuunfa fi waliinii dhirsaa fi niitii
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessaa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera dhaalaa:
  - Dhaaltummaa mirkaneeffachuu
  - Dhaaltumma qulqulleessuu
  - Dhaaltumma fi darbiisa yeroo
  - Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessaa:
    i).....
    ii).....
    iii).....
- Seera bulchiinsa lafa baadiyyaa
  - Haallawwan argannaa qabiyyee
    - Dhaala
    - Kennaa maatiin
    - Mootummaan
  - Mirgoota qabiyyee lafa baadiyyaa irratti abbaan qabiyyee qabuun wal qabatee
  - Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa badiyyaa irratti raawwatiinsa qabaatan
  - Haala falmiin abbooti qabiyyee lafa badiyyaa jidutti ka'u ittiin hiikkatu waliin wal qabatee
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:

i).....
ii).....
iii).....

- Seera ragaa:
  - Seera ragaa dhimma falmii hariiroo hawaasaa waliin wal qabatee
    - Fudhatamummaa ragaa
    - Roga qabeessummaa ragaa
    - Sadarkaa madaallii ragaa
    - Ragaa madaalu
  - Seera ragaa dhimma falmii yakkaa waliin wal qabatee
    - Fudhatamummaa ragaa
    - Roga qabeessummaa ragaa
    - Sadarkaa madaalii ragaa
    - Ragaa madaalu
  - Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
    i).....
    ii).....
    iii).....

Seera Falmii Hariiroo Hawaasaa

- Keessa deebii murtii:
  - Dhageettii ol'iyyannoo
  - Falmii gadi deebisuu
  - Angoo manneen murtii federalaa fi naannoo
  - Keessa deebi murtii mana murtii murtii duraa kenneen tasifamu (review of judgement by court of rendition)

- Raawwii murtii:
  - Murtoon erga laatame booda giddu gala qaama sadaffaa
  - Haala abba qabeenyumma qabeenya murtoon irratti darbe murteessani
  - Qabeenya abbaa idea murtiin rawwii rawatiinsa irratti hin qabaanne
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Uunkaa Afraffaa

Gaaffilee Barreefama Abbaa Alangaa Godinaatiif

C) Gaafilee Walii Galaa

Unurii: .....
Saala: .....
Bakka Hojii: Godina.....

D) Tarree Gaaffilee

Ijoowwan **seeraa yakkaa** armaan gaditti ta'an keessa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- Ulaagalee yakkaa, qophii fi yaali yakkaa
- Sadarkaa hirmannaa yakkamtoota
  - Qindeessa yakkaa fi hirmaata, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasa fi gargaara yakkaa (Accomplice and instigator)
- Kutaa yaada sammuu yakkaa
- Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisisan (justifiable, and excusable acts)
- Yakkoota irra deddeebiin rawwatamanii fi yakkoota dachaa

3. Yakkoota kutaa addaa seeraa yakkaa keessatti tumaman keessa kam irratti akka leenjiin kennamu akka barbaaddan mallattoo √ irratti nuu godhaa.

- Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa, hanna cimaa, amantaa hir'isuu fi kkf)
- Yakka malaammaltummaa
- Yakkoota qaamaa fi fayyaa namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556, yaali ajjechaa fi miidha qaama cimaa .....)
- Yakkoota qunnamtii saalaa waliin wal qabatamanii rawwataman
- Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii gumurukaa, bosonaa

Dhimoota yakkaa biroo fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....
.....
.....
.....

Seera Adeemsa falmii yakkaa

Qorannaa Yakkaa

- **Gahee qorataa polisii fi abba alangaa qorannoo yakkaa keessatti**
- **Haala ragaan ittin funaanamuu fi madaalamu**
- **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
- **Angoo yakkaa manneen murtii (Jurisdiction)**
- **Dhimmoota biroo yoo jiraatan tarreessaa:**
  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Himata yakkaa qopheessu, fooyyeessuu fi kaasuu irratti**
  - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
  - Kan biroo yoo jirate tarreessaa:

  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Dhagaha dhimma yakkaan wal qabatee:**

- Mormii duraa
- Falmii mirga wabii
- Yaada amantaa fi waakki
- Haala gaaffiin duraa, qaxxaamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
- Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
- Dhimmoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan

- **Adeemsa qorannoo fi dhageetti yakka malaammaltummaa**

Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalaatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:

i).....
ii).....
iii).....

Unka Shan

Gaaffilee Barreefama Abbootii seeraa Mana murtii walii galaatiin gaafatamuuf qophaa'e

Gaaffilee Walii Galaa;
Umurii: .....
Saala: .....
Bakka Hojii: .....

Tarree Gaaffilee seera yakkaa fi adeemsa falmii yakkaa

Ijoowwan **seeraa yakkaa** armaan gaditti taa'an keessaa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- Ulaagalee yakkaa, qophii fi yaalii yakkaa
- Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
  - Qindeessaa yakkaa fi hirmaataa, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasaa fi gargaaraa yakkaa (Accomplice and instigator)
- Kutaa yaada sammuu yakkaa
- Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisiisan (justifiable, and excusable acts)
- Yakkoota irra deddeebiin rawwatamanii fi yakkoota dachaa

Yakkoota kutaa addaa seera yakkaa keessatti tumaman keessaa kam irratti akka leenjiin kennamu barbaaddu?

- Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa, hanna cimaa, amantaa hir'isuu fi kkf)
- Yakka malaammaltummaa
- Yakkoota qaamaa fi fayyaa namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556, yaali ajjechaa fi miidha qaama cimaa .....)
- Yakkoota quunnamtii saalaa waliin wal qabatanii raawwataman
- Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii gumurukaa, bosonaa

Dhimoota yakkaa biro fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....
.....
.....
.....

Seera Adeemsa falmii yakkaa

Qorannaa Yakkaa

- **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
- **Aangoo yakkaa manneen murtii (Jurisdiction)**
- **Dhimmoota biroo yoo jiraatan tarreessaa:**
  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Himata yakkaa qopheessuu, foyyeessuu fi kaasuu irratti**
  - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
  - Kan biro yoo jirate tarreessa:

  i).....
  ii).....
  iii).....
- **Dhagaha dhimma yakkaan wal qabatee:**
  - Mormii duraa
  - Falmii mirga wabii
  - Yaada amantaa fi waakkii
  - Haala gaaffiin duraa, qaxxamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
  - Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
  - Ragaa madaaluu fi murtii kennuu
  - Dhimmoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan

Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:

i).....
ii).....
iii).....

Seera Hariiroo Hawwaasa

Seera qabeenyaa

- Dhimmoota abba qabeenyummaa murteessu
- Dhimmoota qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
- Dhimmoota qabeenya socho'ani waliin wal qabatan
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Seera walii galtee

- Walii galtee uumu fi bu'aa inni hordofsiisu (Formation and effects of contract)

- Haalawwan dirqamoota walii galtee habbisan (Extiniction of obligation: invalidation, cancellation and termination of contract, set off, novation ,merger....etc)
- Baayyachuu abbooti idaa fi mirgaa (plurality of debtors and creditors)
- Wabummaa fi qamolee sadaffaa walii galteedhaan wal qabatan
- Walii galtee mirkaneessu
- Walii galtee gurgurtaa
- Walii galtee ijaarsaa (construction contract)
- Walii galtee inshuraansii
- Walii galtee bulchiinsaa (Administrative contract)
- Walii galtee qabeenya hin sochoone waliin wal qabatan
- Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessaa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Seera maatii:

- Diiggaa gaa'elaa fi bu'aawwan inni hordofsiisu
- Qabeenya dhuunfaa fi walinii dhirsaa fi niiti
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Seera dhaalaa:

- Dhaltummaa mirkaneeffachuu
- Dhaaltumma qulquleessu
- Dhaaltumma fi darbiisa yeroo
- Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Seera bulchiinsa lafa baadiyyaa

- Haallawwan argannaa qabiyyee
  - Dhaala
  - Kennaa maatiin
  - Mootummaan
- Mirgoota qabiyyee lafa baadiyyaa irratti abbaan qabiyyee qabuun wal qabatee
- Darbiinsa yeroo qabiyyee lafa badiyyaa irratti raawwatiinsa qabaatan
- Haala falmiin abbooti qabiyyee lafa badiyyaa jidutti ka'u ittiin hiikkatu waliin wal qabatee
- Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessaa:

i).....
ii).....
iii).....

Seera ragaa:

- Seera ragaa dhimma falmii hariiro hawwasa waliin wal qabatee
  - Fudhatamummaa ragaa
  - Roga qabeessuma ragaa
  - Sadarkaa madaalii ragaa
  - Ragaa madaalu
- Seera ragaa dhimma falmii yakkaan waliin wal qabatee
  - Fudhatamummaa ragaa
  - Roga qabeessuma ragaa
  - Sadarkaa madalii ragaa
  - Raga madaalu
- Kan biro yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Seera Falmii Hariiro Hawaasaa

- Keessa deebii murtii:
  - Dhagettii ol'iyyannoo
  - Falmii gadi deebsuu
  - Angoo manneen murtii federalaa fi naannoo
  - Keessa deebii murtii mana murtii murtii duraa kenneen tasifamu (review of judgement by court of rendition)

- Raawwii murtii:
  - Murtoon erga laatame booda giddu gala qaama sadaffaa
  - Haala abba qabeenyumma qabeenya murtoon irratti darbe murteessani
  - Qabeenya abbaa ida murtiin raawwii raawwatiinsa irratti hin qabaanne
- Kan biroo yoo jiraate nuu tarreessa:
  i).....
  ii).....
  iii).....

Unka Jaha

Gaaffilee Barreefama Abbaa Alangaa Naannootiif

A) Gaafilee Walii Galaa

Umurii: .....
Saala: .....

B) Tarree Gaaffilee

Ijoowwan **seeraa yakkaa** armaan gaditti ta'an keessaa kanneen fedhii leenjii irratti qabdan mallatto "√" irratti godhaa.

Seera yakkaa

- Ulaagalee yakkaa, qophii fi yaalii yakkaa
- Sadarkaa hirmaannaa yakkamtootaa
  - Qindeessa yakkaa fi hirmaata, raawwataa isa duree (Principal offender)
  - Walii galuun/waliin ta'uun yakka hojjechuu (conspiracy crime)
  - Kakaasa fi gargaara yakkaa (Accomplice and instigator)
- Kutaa yaada sammuu yakkaa
- Gochaawwan seeraan hayyamamanii fi seeraan dhiifama kennisisan (justifiable, and excusable acts)
- Yakkoota irra dedebiin rawwatamanii fi yakkoota dacha

Yakkoota kutaa addaa seeraa yakkaa keessatti tumaman keessa kam irratti akka leenjiin kennamu barbaaddu?

- Yakkoota qabeenya irratti rawwataman (Hanna, dhoksaa, hanna cimaa, amantaa hir'isuu fi kkf)
- Yakkoota malaamaltummaa
- Yakkoota qaama fi fayya namaa irratti raawwataman (Kewt. 555,556, yaali ajjechaa fi miidha qaama cimaa .....)
- Yakkoota qunamtii saala waliin wal qabatamanii rawwataman
- Labsiilee yakka hundeessan,fkf, labsii gumurukaa, bosonaa

Dhimmoota yakkaa biro fedhii leenjii irratti qabdan yoo jiraate tarreessa

.....
.....

.....
.....
.....

Seera Adeemsa falmii yakkaa

Qorannaa Yakkaa

- **Gahee qorataa polisii fi abba alangaa qorannoo yakkaa keessatti**
- **Haala ragaan ittin funaanamuu fi madaalamu**
- **Qorannoo yakkaa fi mirga shakkamaa**
- **Angoo yakka manneen murtii murteessu (Jurisdiction)**
- **Dhimoota biro yoo jiraatan tarreessa:**

  i).....

  ii).....

  iii).....
- **Himata yakkaa qopheessu, foyyeessu fi kaasu irratti**
  - Gahee abbaa seeraa fi abbaa alangaa
  - Kan biro yoo jirate tarreessa:

  i).....

  ii).....

  iii).....
- **Dhagaha dhimma yakkaan wal qabatee:**

- Mormii duraa
- Falmii mirga wabii
- Yaada amantaa fi waakki
- Haala gaffiin duraa, qaxamuraa fi keessa deebin ittiin gaafatamu
- Haala yaadni murtii, adabbii fi ciraa irratti dhiyaatu mana murtiif kennamu
- Dimoota ol'iyyaannoo waliin wal qabatan

- **Adeemsa qorannoo fi dhageetti yakka malaamaltummaa**

Dhimmoota adeemsa falmii yakkaa waliin wal qabatee irra caalatti leenjiin akka irratti laatamu kan barbaaddan yoo jiraate nuuf tarreessa:

i).....

ii).....

iii).....

Wabiilee

Namoota Gaaffii Afaanii Deebisan

1. Mitikkuu Gabii, Abbootii seeraa M/Murtii Aanaa Badaallee, 17/9/2003
2. Fayyeeraa Abbashuu, I/G/W/H/A Guutoo Giddaa, 18/9/2003
3. Getaachoo Guddisaa, I/G/Q/H/Go/W/Bahaa, 18/9/2003
4. Aaddisuu Qabaaneessaa, Prez/M/M Olaanaa /Go/Wa/Bahaa, 18/9/2003
5. Tafaayee Mitikkuu, Prez/M/M/A/Guutoo Giddaa, 18/9/2003
6. Namoomsaa Hedataa, I/G/W/H/A/Sibuu Siree, 22/9/2003
7. Lammeessaa Bayyanaa Prez/M/M/Aa/Sibuu Siree 22/9/2003
8. Amsaaluu Olaanii, Prez/M/M/Ol/W/Lixaa 20/9/2003
9. Waggaarii Sambatoo I/G/B/B/Q/H/G/W/Lixaa 19/9/2003
10. Dheeressaa Tollinaa Prez/M/M/Aa/Najjoo 19/9/2003
11. Abbabaa Tarrafaa, I/G/W/H/Aa/Najjoo, 19/9/2003
12. Major Tafarraa Prez/M/M/Aa/Jaarsoo 19/9/2003
13. Beekumaa Mardaasaa, I/G/W/H/Aa/Jaarsoo, 19/9/2003
14. Mokonnin Tarrafaa, Abukaattoo G/W/Bhaa, 18/9/2003
15. Darajjee Qaabataa, Abukaattoo G/W/Bahaa, 18/9/2003
16. Hoogganaa W/Haqaa Anaa Mattuu, 19/9/2003
17. Abbaa alangaa W/Haqaa, Aanaa Mattuu, 19/9/2003
18. Fissaha, Prez/M/M/Aa/Baddalee 22/9/2003
19. Jihad Abbaa Garoo, Prez/M/M/O/G Iluu Abbaa Boora, 18/9/03
20. Ashaa Amiin,Pirez/M/M/ Go/ Sh/ Kaabaa,16/10/2003
21. Salamoon Kabbuu, Hoog/Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa,16/09/2003
22. Duulaa Guutaa,I/G/Wa/Haqaa/Aa/Giraar Jaarsoo, 16/09/2003

23. Aglamaariyam Abbabaa, B/B Pirez/ M/M/ Aa/Giraar Jaarsoo,17/09/03

24. Dhufeeraa Baqqalaa,Abukaattoo Dhuunfaa Go/Sh/Kaabaa, 17/09/03

25. Galataa Akkumaa, I/G/Wa/Ha/Aa/Waacaalee,19/09/03

26. Salamoon Asfawu,B/B Prez/M/M/ Aa/Waacaalee,19/09/03

27. Naasir Faariis, B/B/A/A/H/Ktas/ M/M/W/Oromiyaa,19/09/03

28. Bisaw Baqqalaa,Abbootii seeraa M/M/W/Oromiyaa,19/09/03

29. Mokonnin Kudhaamaa, Pirez/M/M/A/Walisoo,17/09/03

30. Xilaahuun Birruu, Pirez/M/M/Ol/Sh/Ki/Lixaa,17/09/03

31. Baashaa Kuruu Taarifaa,Abukaattoo Dhuunfaa,18/09/2003

32. Aj.50 Mitikkuu Seefuu,Abukaatoo Dhuunfaa,18/09/03

33. Asaffaa Warqinaa,Abukaatoo Dhuunfaa,18/09/03

34. Taaddalach Dhibaayyuu,I/G/W/Haqaa/Mag/Jimmaa, 20/09/03

Gaaffii Afaanii Fedhii leenjiitiif qophaa'e

1) Dhimmonni yeroo ammaa hojii keessatti danqaa isinitti ta'an ni jiruu?
    - Rakkina dandeettitiin wal qabtee
    - Naamusa ogumaatiin wal qabatee
    - Rakkoolee seeraa fi hojimatatiin wal qabatee
2) Dhimoota leenjiin isiniif akka kennamu barbaaddan sadarkaadhaan nuuf ibsaa
3) Ijoowwan ga'umsaa ogummaa fi naamusaan wal qabatee abbootiin seeraa fi alangaa hir'ina irratti qabu jettaan nuuf ibsaa **(Gaaffii afanii abukattotaaf qofa dhiyaatu)**

Gaaffii Afaanii Fedhii qo'annoo fi qorannootiif qophaa'e

1) Dhimoota seeraa fi/ykn hojimaata waliin wal qabatee qorannoon irratti gaggeefamuu qaba jettan nuuf ibsaa **(Gaaffii afanii kun abukattotaafis dhiyaachu qabaa)**